

**XIINXALA MEESHAALEE AADAA OROMOO GODINA HARARGEETI BAHAA
AANAA HARAMAAYAA**

**WARAQAA QORANNOO SAGANTAA BARNOOTAA DIGIRII LAMMAFFAA
(MA)**

DACHAASAA GAANFUREE DHUUNFAA

AMAJJII, 2021/13

YUUNIVARSIITII HARAMAAYAA, HARAMAAYAA

Xiinxala Meeshaalee Aadaa Oromoo Godina Harargee Bahaa Aanaa Haramaayaa
Qorannoo Barnoota Digirii Lammaffaa (MA) Muummee Afaan Oromoo, Ogumaafi
Qunnamtiif Kan Dhiyaate

Daarektoreeta Sagantaa Barnoota Digirii Duraan Boodaa

YUUNIVARSIITII HARAMAAYAA

Ulaagaa Ittiin Guuttannaa Gar-Tokkee Barnoota Digirii Lammaffaa

AFAAN OROMOOFI OGUMAA BARSII SUUTIIN

DACHAASAA GAANFUREE DHUUNFAA

Amajjii, 2021/13

Yuunivarsiitii Haramaayaa, Haramaayaa

Yuunivarsiitii Haramaayaa

Daarektoreeta Sagantaa Barnoota Digirii Duraan Boodaa

Waraqaa qorannoo ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoo barsiisuun guuttachuu barataa Dachaasaa Gaanfuree Dhuunfaa mata-duree **Xiinxala Meeshaalee Aadaa Oromoo Godina Harargee Bahaa Aanaa Haramayaa** jedhu irratti kan qophaa'e. Kanaaf, uunka waraqaa qorannoo sagantaa digirii duraan boodaa waan guutee jiruuf akka inni dhiyeessuuf yaada kenneera.

Maqaa Gorsaa Ijoo _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Maqaa Gorsaa Gargaaraa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Akka miseensa boordii qortoota Sagantaa Barnoota Digirii Duraan Boodaa (MA)tti, waraqaa qorannoo barataa Dachaasaa Gaanfureetiin qophaa'e dubbisee madaaleera. Akka kootti waraqaan kun uunka waraqaa qorannoo Sagantaa Barnoota Digirii Duraan Boodaa Afaan Oromoofi Ogumaa Barsiisuutiin ni guuta jedhee mirkaneesseera.

Maqaa Waalitti Qabaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Maqaa Qoraa Keessaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Maqaa Qoraa Alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

IBSA QORATICHAA

Waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kan ta'eefi kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hindhiyaanne ta'uusaafi wabiileee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo akka armaan gadii kanatti mallattoo kootiin nanmirkaneessa.

Maqaa: Dachaasaa Gaanfuree Dhuunfaa:

Yuunivarsiitii Haaramaayaa, Haaramaayaa

Guyyaa _____

Mallattoo _____

HIKA JECHOOTAA

Qorannoo kana keessatti jechoota fayyadame keessaa kan yeroo dubbisan dubbistoota rakkisuu danda'an haala armaan gadiin hiikamaniiru.

Qamashaa - Meeshaa nyaatni aadaa yeroo ayyaana adda addaarratti ittiin dhiyaatudha.

Takii - Meeshaa nyaatni aadaa yeroo cidhaafi iddoo taaziyaa ittiin dhiyaatudha.

Marmaree - Meeshaa qoriin nyaatni aadaa yeroo ayyaana adda adda ittiin dhiyaatuudha.

Labbaa - Meeshaa aadaa ciicoo aannanii yeroo hodhan fiinxaa isaa ol qabamee yeroo hodhamudha.

Amashama - Dubartootni rifeensi mataa isaani bitaafi mirgatti addaan qooduun kan fayyadamanidha.

Qulfoo - Faayaa aalboo miilarratti godhatamu ta'ee bifa gurraacha kan qabudha.

Cilcili - Faayaa lootii shamarran ijoollumma kaasee hanga heerumanitti kan godhatan.

Halkoorraa - Faayaa lootii gurraa ta'ee birrii irraa hojjetamuufi kan dubartootni itti fayyadamanidha.

Furgaatoo - Faayaa uffata qoloo kan dubartootni mudhiirratti hidhatanidha.

Leegade - Meeshaa dibbee mukarraa hojjetamuu ta'ee kan yeroo kabaja ayyaana dhimma itti bahanidha.

Naazii - Faayaa kan guftaa mataatti hidhee qabudha.

Foroora - Faayaa sibiila lootii gurraa kan dubartootni itti gargaaramaniidha.

Shawaaliyaa - Faayaa sibiila dubartootni miidhaginaaf jecha harkatti godhatamudha.

Suguuda - Meeshaa aadaa kan yeroo midhaan itti safaraniidha.

Minnaaqa - Akaakuu meeshaa qonnaa aadaa keessaa tokkodha.

Meerara - Akaakuu meeshaa qonnaa kan gindii hidhee qabudha.

Gunaddaa - Meeshaa aadaa kan yeroo libaannata itti gargaaramaniidha.

GABAAJEWWAN

BATO – Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa

OBN – Oromiyaa Birodkaastii Neetworkii

BBO – Biiroo Barnoota Oromiyaa

KKF – Kan kana fakkaatan

FKN _ Fakkeenyaaf

SEENAA QORATICHAA

Qorataan kun Adoolessa 12, 1972 Godina Horroo Guduruu Aanaa Jimmaa Gannatii Ganda Guddannee jedhamutti dhalate. Barumsa sadarkaa tokkoffaa Mana Barumsaa Gabaa Roobii sadarkaa tokkooffaa (1-6), barnoota sadarkaa lammaffaa Mana Barumsaa Sadarkaa Lammaaffaa Shaamboo (7-8)fi Mana Barumsaa Qophaa'ina Shaamboo (9-12) barate. Sana booda bara 1997 tti Yuunvarsitii Haramaayaa seenuun bara 2000tti digirii jalqabaa Afaan Oromootiin eebbifame. Sana booda waggaa dheeraaf barsiisaa Afaan Oromoofi sektera mootummaa keessatti hojjetaa ta'uun erga tajaajilee booda barnoota isaa digirii lammaffaa barnoota Afaan Oromoo, Ogumaafi quunnamtii barsiisuutti barachuuf bara 2009tti Yuunvarsitii Haaramayaa seene.

GALATA

Hundaa olitti barnoota koo eegalee nagaan kan na xumursiiseefi hojii qorannoo bifa Kanaan akkan hojjedhu kan nagargaare Waaqa Uumaa koo guddiseen galateeffadha! Itti aansuudhaan beekumsa qaban osoo hinqusatiin kan nagorsaniifi sirreeffama hojii kootiif qophii waraqaa wixineerraa kaasee, hanga dhuma qorannoo kanaatti kan na wajjin ifaajaa turan Gorsaa Ijoo kan ta'e gargaaraa Pirofeeseraa Fiqaaduu Baldaafi gorsaa aantee koo kan ta'e gargaaraa Pirofeeseraa Mahaammad Abdoo guddaan galateeffadha. Karaa biraatiin barnootaa koo irratti najjabeessaa kan turte haadha manaa koo Adde Iskedaar Tafarraatiif galanni koo guddaadha. Dabalees funaansa ragaa irratti suura kaasuufi, sagalee waraabuun kan nagargaaraa turan obbo Amadnaasir Mahaammadiifi obbo Najaash Abdallaa dabalee galateeffachuun barbaada. Haluma walfakkaatuun, funaansa odeeffannootiif gandoota baadiyyaa filaman keessatti haala naaf mijeessuufi odeeffkennitoota naaf beellamuun deeggarsa ogummaa qorataaf kennaa turan Adde Maftuhaa Mahaammad, Obboo Jamaal Jibriil, Addee Samiiraa Abdallaatiif galanni koo xiqqaa miti. Hojjattoota WAT Aanaafi magaalaa Haramaayaa akkasumas, manguddootaafi haawwan nuffii tokko malee beekumsaafi yeroo isaanii otuu hinqusatin odeeffannoo naaf kennan hunda ulfaadhaa jechuun barbaada. Dhuma irratti barreeffamni koo unka barreeffama qorannoon tokko qabaachuu qabu akka guutu kompiteeraan kan naaf qindeessite haala mijeessituu Adde Meetiif galanni koo daangaa hin qabu.

BAAFATA

QABIYYEE	FUULA
IBSA QORATICHAA	i
HIIKA JECHOOTAA.....	ii
GABAAJEWWAN... ..	iii
SEENAA QORATICHAA	iv
GALATA	v
TARREE SUURAWWANII	Viv
AXEERERAA	ivii
1. SEENSA	1
1.1 Seenduubee Qorannichaa	1
1.2 Ka’umsa Qorannichaa	2
1.3 Gaaffilee Qorannichaa.....	4
1.4 Kaayyoo Qorannichaa	4
1.4.1 Kaayyoo Gooroo	4
1.4.2 Kaayyoo Gooree.....	4
1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa.....	5
1.6 Daangaa Qorannichaa	5
1.7 Hanqina Qorannichaa.....	6
1.8 Qindoomina Qorannichaa	6
2. SAKATTA’A BARRUU FIROOMINAA.....	7
2.1 Yaaxxina Qorannichaa	7
2.2 Meeshaalee Aadaa.....	7
2.3 Barbaachisummaa Meeshaalee Aadaa	8
2.4 Ka’umsaafi Guddina Meeshaalee Aadaa	8
2.5 Faayidaa Meeshaaleen Aadaa Hawaasa Ibsuu Keessatti Qaban.....	9
2.6 Yoomessaafi Ittifayyadama Meeshaalee Aadaa.....	9

3. XIINMALA QORANNOO	11
3.1. Saxaxa Qorannichaa	11
3.2. Madda Ragaalee	11
3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu	12
3.4 Malleen Funaansa Ragaalee	12
3.4.1. Af-Gaaffii	13
3.4.2. Sakatta'a Galmeewwan Qorannoo.....	13
3.4.3. Marii Garee.....	13
3.4.4 Daawwannaa Dirree	14
3.5 Ibsa Waliigalaa Naannoo Qorannichaa	14
3.5.1 Haala Qilleensa Aanichaa	15
3.5.2 Diinagdee Uummata Aanichaa.....	16
3.5.3 Afaaniifi Amantii Uummata Aanichaa.....	16
3.5.4 Hidda Dhalootaaifi Qubsuma Oromoo Aanaa Haramaayaa	16
3.6 Naamusa Qorannoo	18
4. DHIYEESA XIINXALAAFI IBSA RAGAALEE	19
4.1 Xiinxala Ragaalee Af-Gaaffiifi Marii Garee Irraa Argaman	19
4.2 Haala Ittifayyadama Meeshaalee Aadaa	19
4.3 Meeshaalee Aadaa Eenyummaa Ibsan	20
4.4 Xiinxala Meeshaalee Aadaa	21
4.4.1 Meeshaalee Waraanaa	21
4.4.2. Meeshaa Muuziqaa Aadaa.....	24
4.4.3. Meeshaa Suphee	26
4.4.4. Uffata Aadaa.....	29
4.4.4.1. Uffata Aadaa Dhiiraa	29
4.4.4.2. Uffata Aadaa Dubartootaa	32
4.4.5 Meeshaalee Aadaa Nyaataafi Meeshaa Manaa	34
4.4.6 Meeshaalee Faayaa Aadaa Dubartootaa.....	44
4.4.6.1. Meeshaa Faayaa Harkaa	44
4.4.6.2. Meeshaa Faayaa Mormaa	46

4.4.6.3. Meeshaa Faayaa Mataa	47
4.4.6.4. Meeshaa Faayaa Lukaa	49
4.4.6.5. Meeshaa Faayaa Gurraa	50
4.5 Faayidaa Meeshaalee Aadaa	51
4.6 Gufuuwwan Ittifayyadama Meeshaalee Aadaa.....	52
5. CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO	54
5.1. Cuunfaa	54
5.2. Argannoowwan	55
5.3. Yaboowwan.....	59
WABIILEE.....	63
DABALEE-A: Gaaffii bu’uuraa dhiyaate	65
DABALEE B: Odeeffannoo namoota ragaa kennitootaa	66
DABALEE C: Ibsa waliigala meeshaalee aadaa	68
DABALEE D: Ibsa suuralee qorannoo keessatti fudhataman	69

TARREE SUURAWWANII

Suuralee	Meeshaalee	Fuula
Suura 1: Meeshaa Biillaa/Gillee Aadaa		22
Suura 2:- Meeshaa Eeboo Aadaa		23
<i>Suura 3:- Meeshaa Gaachana</i>		23
Suura 4:- Meeshaa Meencaa Aadaa		24
Suura 5: Meeshaa Dibbeefi Leegana		25
Suura 6: Meeshaa Huluullee		26
Suura 7: Meeshaa Okkotee Xiqqaafi Gaawwaa		26
Suura 8: Meeshaa Dhaabdoo		27
Suura 9: Meeshaa Qibaaba		28
Suura 10: Meeshaa Distiifi Kaasaa		28
Suura 11: Uffata Marxoo		29
Suura 12: Uffata Shamizaa		30
Suura 13: Uffata Kophee Aadaa		30
Suura 14: Meeshaa Filaa		31
Suura 15: Meeshaa Boraatii Aadaa		31
Suura 16: Uffata Wandaboo		32
Suura 17 Uffata Qoloo		33
Suura 18: Uffata Saddeetaa		33
Suura 19: Uffata Aadaa Manquxii		34

Suura 20: Meeshaa Qorii	35
Suura 21: Meeshaa Gabatee Nyaataa	36
Suura 22: Meeshaa Qalamshiishaa	36
Suura 23: Meeshaa Gingilii	37
Suura 24: Meeshaa Afuufuu	38
Suura 25: Meeshaa Qunnaa	38
Suura 26: Meeshaa Qarawaa	39
Suura 27: Meeshaa Daarotaa	39
Suura 28: Meeshaa Gingilchaa	40
Suura 29: Meeshaa Qimbichaa Huccuu	40
Suura 30: Meeshaa Ciicoo Aannanii	41
Suura 31: Meeshaa Buuchuma Aadaa	42
Suura 32: Meeshaa Kaasa/Geeba Hoojjaa	42
Suura 33: Meeshaa Quluu Bishaanii	43
Suura 34: Meeshaa Dheengee Daa'immanii	43
Suura 35: Meeshaa Wissaa	43
Suura 36: Meeshaa Faayaa Gumea Aadaa	45
Suura 37: Meeshaa Faayaa Girjaa	45
Suura 38: Faayaa Caaccuufi Dooqaa	46
Suura 39: Faayaa Callee	46
Suura 40: Faayaa Qarmaa	47
Suura 41: Faayaa Aadaa Naazii/Kuula Gurraachaa	47

Suura 42: Faayaa Guftaa	48
Suura 43 Faayaa Aalboo	50
Suuraa 44; Faayaa Kulkultaa	50
Suura 45: Faayaa Forora	51

AXEERERAA

Kaayyoon bu'uura qorannoo kanaa, meeshaalee aadaa Oromoo godina Harargee Bahaa aanaa Haramaayaa xiinxaluudha. Ka'umsi qorannichaa meeshaalee aadaa Oromoo irratti xiinxalli taasifame gahaa miti. Qorannoon kun kan gaggeeffame aanaa Haramaayaa keessatti yogguu ta'u meeshaalee aadaa yoomessaafi gosaan qooduu, meeshaaleen kun maalfaa akka ta'an, haala kamiin tajaajilarra akka oolan, maalirraa akka hojjetaman, sadarkaa kamiin akka itti dhimma bahamu, faayidaa isaan qaban ibsuufi waantota aadaa wajjin walqabatan xiinxaluun ibsa itti kennuudha. Saxaxni qorannoo kanaa kaayyoo qorannoon kun adeemsifamuuf kaa'ame galmaan gahuuf dhimmoota qorannichi ittiin gaggeeffaman ofjalatti kan hammatedha. Qorannoo kana gaggeessuuf akkaataa gaaffilee qorannichaa bifa quubsaa ta'een deebisuuf qorataan akka mijatutti gosa saxaxa qorannoo akkamtaa keessatti ragaalee dhiyaatan gadi fageenyaan sakatta'uun qulqullinaan ibsuudhaafi mala kana filachuun qorannoo kun caalaatti bu'aa qabeessa kan godhedha. Maddi ragaalee qorannoo kanaa madda ragaa tokkoffaafi lammaffaan qoodamanii dhihaatanidha. Qorannoo akkamtaa qorataan odeeffannoo walitti qabachuuf malleen qorannoo akka Af-gaaffii, Marii garee, Sakatta'a Galmeewwaniifi daawwannaa dirreen tooftaa mala rog-sadeessuutti dhimma baheera. Meeshaaleen aadaa hawaasicha keessatti argaman lakkoofsan hedduu yoo ta'anillee tokko tokkon addaan baasanii xiinxaluuf yaalame jira. Argannoo qorannicha keessatti tuqaman irratti hundaa'uun meeshaaleen aadaa mallattoo eenyummaafi duudhaa ibsuu qabaniifi kabaja kennan dhalootaaf dabarsuu akka danda'an bira ga'ameera. Meeshaalee aadaa miidhagina kennuurra darbee hawaasa Oromoo aanaa Haramaayaa calaqqee eenyummaa isaa kan mul'isu waan ta'eef gara fuulduraatti aadaan isaa addunyaa waliin deemuu akka danda'amuufi aadaa saba biroos akka hammatu qaamni ilaallatu hundi bifa qindaa'een waliin hojjete gaarii ta'a.

1. SEENSA

1.1 Seenduubee Qorannichaa

Fookilooriin duudhaa, aadaa, amantaafi eenyummaa saba tokkoo kan ibsuufi barsiifata hawaasaa tokko kan dhalootaa dhalootatti darbudha. Kun ammoo, hawaasa hariiroofi eenyummaa wal fakkaataa qaban keessatti yoo fayyadamnu maqaa ogummaafi nama waa’ee ogummaa qo’atu of keessatti qabata (Williams, 1946). Beekaan (2015:41) yoo ibsu fookilooriin aadaa nuyi calaqqisiisnu, haala jiruufi jireenyaa hubannoo, sonaafi ilaalcha hawaasa tokkoo gochaafi jechaan dhalootaa dhalootatti darbaa dhufeeff meeshaa wal quunnamtii kan durii akkasumas kan har’aafi boruuti. Fookilooriin duudhaa yeroo dheeraa, ambaawwan hawaasan jiran irratti xiyyeeffachuun wantoota aartii durii, barsiifata durii, kan of keessatti qabatudha. Kun ammoo adeemsa jiruufi jireenya hawaasaa keessaa kan argamudha. Kana jechuun, dhuftee miira aadaa, amantiifi barsiifata saba tokkoo baatee kan dabarsuudha.

Hawaasni Oromoo aadaa, seenaa, duudhaa, amantaa mataa isaa qaba. Calaqqee eenyummaa Oromoo kanneen ibsaniifi kan falaasama isaa calaqqisiisu hedduu ta’an keessaa aadaan bakka guddaa qaba. “Aadaan hawaasa Oromoo bal’aa akkuma ta’e tajaajilliifi hiikni aadaa Oromoota biratti qabus, ni bal’ata” (Dirribii, 2009:16). “Aadaan mallattoo eenyummaa saba tokkooti. Dhiigni nama keessatti akkuma lubbuu uumu, aadaan immoo saba keessatti lubbuu uuma. Namni dhiiga hinqabne akkuma du’u, sabni aadaa hinqabne addunyaa kanarra nibada” Warqinaa (2008: 111)

Aadaan mallattoo calaqqee eenyummaa, burqaa qaroominaafi tokkummaa saba tokkoo kan ibsu ta’ee, hawaasniifi aadaan kan addaan hin baaneedha. Aadaan sochii jiruufi jireenya sabaa kan ibsuufi meeshaalee sabni sun ittifayyadamu irraa eegalee akkaataa sabni sun omishatu, bilcheeffatu, nyaatu, uffatu, gammadu, gaddu, walbulchatu, waaqeffatu mara ibsa. Aadaan jiruufi jireenya dhala namaa waliin kan walqabatudha. Kana jechuun aadaa haala nyaataa, uffannaa, ilaalchaa, amantaa, safuu, duudhaa, barsiifataafi kan kana fakkaatu ofkeessatti qabatu ta’ee, kan hawaasni ittiin jiraatudha. Meeshaaleen aadaa hedduu akka ta’an barruwwan adda addaa ni ibsu. “Meeshaaleen aadaa kan sabni tokko jireenya isaa keessatti haala hiikaafi faayidaa mataa isaa qabuun kan hojjetani dhimma itti bahuuf jireenya hawaasummaa keessatti jireenya addunyaa kan ittiin shaakalaniidha “Valsiner J. (2007:5).

“Aadaan mala yookiin akkaataa murni hawaasaafi ummanni tokko jiruufi jireenya ittiin gaggeessu, waliigalu, ittiin kalaqu, itti mala dhahu, wal ibsatu, wal to’atu, wal abboomudha. Aadaan jireenya dhala namaa keessatti hariiroo hawaasni wal wajjin qabu kan ibsu, kan itti dagaagfatu, calaqqee jireenya hawaasaati” (Filee, 2016:3). Gosoonni aadaa saba Oromoo keessa jiranis hedduu yoo ta’an, isaan keessaa haalli ittifayyadama meeshaalee aadaa isa ijoodha. Innis ittifayyadama aadaa bu’uura godhachuun maalummaafi faayidaa meeshaan aadaa qabu ibsuuf karaalee xiinsammuu keessaafi irraa keessaa ilaaluu akka gaafatu barreessitoonni adda addaa ni ibsu.

Meeshaaleen aadaa eenyummaafi haala jireenya hawaasaa ibsuun haftee uummataati. Aadaa uffannaa, faaya qaamaa, rifeensa dhahachuun eenyummaa saba tokko kan mul’isanidha. Kunis hawaasicha keessatti qofa kan argamu osoo hin ta’in waantoota qaaman argaman wajjin walqabsiisuun ergaafi hiika kan qabanidha. Akkasumas, meeshaa aadaa fayyadamun hiika karaa xinsammuu ofii ittiin ibsamudha. Wantota aadaa mul’isan keessaa meeshaaleen aadaa akka hojii harkaan hojjataman, hojii ogummaa fakkiifi kan kana fakkaatan faayaa aadaa hawaasa mul’isuu keessatti gumaacha guddaa qabu. Meeshaaleen aadaa kanneen teeknoolojii ammayyaan dura namootni harkaan oomishanii kan itti tajaajilamaa turanidha. Fiqaa (1991:15) Hawaasni Oromoo meeshaalee aadaa ittiin miidhagee aadaafi eenyummaa isaa ibsatu hiika, ilaalcha, kabaja mataa isaa qabaachaa tureefi qabaachaa jiru, seenaa isaarraa hubachuun ni danda’ama.

Gosoonni meeshaalee aadaa ibsan, haala hawaasicha keessatti faayidaa, ergaafi hiika maaliif akka dhaabbatan dagatamuu bira darbee akka aadaa boodatti hafaatti lakkaa’amaa turaniiru. Aadaa, kanarratti qorannoo gaggeessuun rakkoo jiru ifa baasuun barbaachisaa waan ta’eef, fuulleffannaan qoratichaas Meeshaalee Aadaa Oromoo Godina Harargee Bahaa Aanaa Haramaayaa xiinxaluudha.

1.2 Ka’umsa Qorannichaa

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa Meeshaalee Aadaa Oromoo Godina Harargee Bahaa Aanaa Haramaayaa Xiinxaluu kan jedhu irratti ta’a. Qorannoo kana gaggeessuuf qoraticha wanti kakaase meeshaan aadaa jiruufi jireenya, qabeenyaa, aadaafi duudhaa hawaasaa waan ta’eef dhaloota dhufuuf akka turu gochuuf kunuunsa taasisuudha. Yeroo ammaa aadaa boonsaan mallattoo eenyummaa hawaasaa ta’e kun dhaloota har’aan dagatamaa dhufuu isaatu mul’ata. Aanaa qorannoon itti adeemsifame kanatti sababa dantaa dhabummaa irraa kan ka’e, teeknoolojii ammayyaarratti hirkachuu, aadaa ofiif dantaa dhabuu, aadaa

ergisaan liqinfamuun baayyachaa dhufuun aadaa hawaasarratti qaawwa uumeera. Sababoota kanaan falaasama duudhaa hawaasaa agarsiisurratti hanqinni jiraachuusaa qoratchi turtii waggoota hedduu aanaa kana keessatti rakkoo jiru hubatteraa ka'uun qorannoo kana gaggeesseera.

Qorannoon meeshaalee aadaa Oromoo irratti kallattiin gaggeeffame muraasadha. Qorataan qaawwa kana guutuuf meeshaaleen aadaa maalfaa akka ta'an, haala kamiin tajaajilarra akka oolan, maalirraa akka hojjetaman, sadarkaa itti dhimma bahan, faayidaa isaan qaban gadi fageenyaan xiinxaleera. Qorannoowwan dhimma qoratamu kana hanga tokko kan deeggaran ni jiru. Kanneen walitti dhufeenyaafi garaagarummaa isaan qorannoo kana waliin qaban haala itti aanuun dhiyaateera.

Abdullaahii Waayyuu (2007) mataa duree “Xiinxala Meeshaalee Aadaa Manaa Godina Arsii Lixaa Aanaa Shaashamannee” jedhu waraqaa qorannoo digrii tokkooffa guutachuuf kan hojjete yoo tahu, kaayyoon ijoo qorannoo kanaa meeshaalee aadaa aanaa kana keessatti argaman tajaajila, yoomessa, fakkoommii, afoola ittiin walqabatan xiinxaluun ibsa itti kennuudha. Tokkummaan qorannoo kana wajjin qabu keessaa inni ijoon damee fookiloorii keessaa gosa meeshaalee aadaa irratti xiyyeeffachuu isaati. Adda addummaan qorannoo kana waliin qabu qorannoon isaa meeshaalee aadaa mana keessaa qofarratti kan fuulleffate yommuu ta'u, qorannoon kun immoo meeshaalee aadaa Oromoo Aanaa Hamaayaa xiinxaluu irratti kan fuulleffatedha.

Darajjee Darrasaa (2016) mataduree qorannoo “Qaaccessa Ittifayyadama Meeshaalee Faaya Aadaa Dubartootaa” jedhu waraqaa qorannoo digrii 2ffaa kan hojjete yoo tahu, kaayyoon qorannoo kanaa dubartoonni miidhaginaafi eenyummaa isaanii kan ittiin ibsatan faayaa aadaa naannoo jiru irra akka ta'e bal'inaan ibsameera. Meeshaaleen faayaa kanneen akka: uffata aadaa, callee mormaa, dooqaa, qubeelaa harkaa, amartiifi k.k.f akka ta'an mul'isun lafa kaa'a. Kun ammoo adeemsa qorannoo kana wajjin hidhata kan qabu yoo ta'u, adda addumman isaa meeshaalee faaya aadaa dubartootaa qofarratti yogguu fuulleffatu; qorannoon kun meeshaalee aadaa Oromoo Harargee Bahaa Aanaa Hamaayaa xiinxaluu irratti xiyyeeffachuu isaati.

Abdii Ismaa'il (2007) Mataa duree “Xiinxala Meeshaalee Aadaa Oromoo Arsii; Godambaa Siidaa Wareegamtoota Aanoolee.” jedhu waraqaa qorannoo digrii 2ffaa kan hojjete yoo tahu, kaayyoon ijoo qorannoo kanaa meeshaalee aadaa gadambaa keessatti argaman gosa gosaan qooduudhaan tajaajila, yoomessa, fakkoommiin xiinxaluun ibsa itti kennuudha. Tokkummaan qorannoo kana wajjin qabu keessa

inni ijoon gosa meeshaalee aadaa irratti xiyyeefachuun isa ijoodha. Akkasumas waanti adda taasisu qorannon isaa meeshaalee aadaa agarsiisan irratti xiyyeeffachuu dhabuu yommuu ta’u; qorannoon kun immoo meeshaalee aadaa Oromoo Godina Harargee Aanaa Hamaaayarratti kan fullefateedha.

Jiinanus Galataa (2010) Mata duree “Qabiyyee Meeshaalee Ulfoo Amantii Oromoo Aanaa Tokkee Kutaaayee” jedhurratti waraqaa qorannoo digrii jalqabaa guutachuuf kan hojjetedha. Mataduree xiqqaa amantii’ jedhu jalatti callee, caaccuu, siiqqee, kallachaafi bokkuun meeshaalee aadaa akka ta’an ibseera. Yaadonni xixxiqaan achi jalatti ka’an mata duree qorataa kanaatiin wal fakkaatu. Garaagaruman qorannoo kana waliin qabu meeshaalee amantii ta’an qofaarratti kan xiyyeeffate yogguu ta’u, qorannoon kun immoo xiyyeeffannoon isaa iddootti qorannoon kun itti gaggeeffame aanaa Hamaaayaa keessatti ta’uufi meeshaalee aadaa Oromoo aanaa Hamaaayaa xiinxaluu kan jedhurratti xiyyeeffachuudha.

1.3 Gaaffilee Qorannichaa

Gaaffilee bu’uura qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti. Isaanis:-

1. Meeshaaleen aadaa Oromoo aanaa Hamaaayaa keessatti beekaman maalfaadha?
2. Meeshaaleen aadaa Oromoo kunneen maalirraa hojjetaman?
3. Faayidaa meeshaaleen aadaa Oromoo aanaa Hamaaayaa maalfaadha?
4. Haala ittifayyadama meeshaalee aadaa kanneenii irratti waantootni gufuu ta’an maalfaadha?

1.4 Kaayyoo Qorannichaa

1.4.1 Kaayyoo Gooroo

Meeshaalee Aadaa Oromoo Godina Harargee Bahaa Aanaa Hamaaayaa Xiinxaluudha.

1.4.2 Kaayyoo Gooree

Qorannoon kun kaayyoowwan murtaa’oo armaan gadii irratti xiyyeeffata. Isaanis:

1. Meeshaaleen aadaa Oromoo aanaa Hamaaayaa keessatti beekaman addaan baasu.
2. Meeshaaleen aadaa Oromoo aanaa Hamaaayaa maalirraa akka hojjetaman addaan baasuu.
3. Faayidaa meeshaaleen aadaa Oromoo aanaa Hamaaayaa hawaasaaf qabu addeessu.
4. Haala ittifayyadama meeshaalee aadaa kanneenii irratti waantootni gufuu ta’an ibsuudha.

1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa

Argannoon qorannoo kanarraa argamu, sadarkaa meeshaalen aadaa irra jiru ni addeessa. Meeshaaleen aadaa kun wantota adda addaa irraa kan tolfamaniifi yoomessa garagaraa keessatti akkaataa faayidaa qabaniin hawaasicha kan tajaajilaniidha. Ogeessotni aadaa meeshaalee aadaa waliin walitti dhufeenya cimaa ta'e qabaachuun akkaataa meeshaaleen kun itti hojjetaman, maalirraa akka hojjetaman beekuun barbaachisaadha. Hojiin ogummaa harkaa ibsituu hawaasa aanaa kanaa waan ta'eef qorataan xiyyeeffannoon qorannoo isaa gaggeessera. Haaluma kanaan bu'aa qorannoo kanatti kallattiinis ta'ee, miti kallattiin qaamoleen garaagaraa bu'aa qorannoo kanatti ni fayyadamu.

1. Waajjiirri Aadaafi Turizimii aanaafi magaalaa akka madda ragaatti ittiin gargaaramuu danda'u.
2. Akkasumas, faayidaa inni qaamota dirree hojii qorannoof qabu guddaadha.
3. Namoonni dhimma mataduree kanaafi kanaan walfakkaaturratti qorannoo gadi fageenyaan geggeessuu barbaadan akka ka'umsaatti itti fayyadamuu danda'u.
4. Dhaloonni haaraan falaasama hawaasaa akka irraa baratuu ni gargaara.
5. Qabiyyee Sirna barnootaa keessa galchuun ittiin barsiisuuf BBO itti dhimma bahuu danda'a. Meeshaaleen aadaa qorachuun beekumsa, falaasama, amantaa, duudhaa, aadaafi jiruufi jireenya hawaasaa ibsuufis ta'e beekuuf faayidaa guddaa qaba.

1.6 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun Godina Harargee Bahaa Aanaalee 19 jiran keessaa aanaa Haramaayarratti kan daangeffamedha. Qorannichis yaada bu'uuraa "Xiinxala Meeshaalee Aadaa Oromoo Godina Harargee Bahaa Aanaa Haramaayaa" kan jedhun gaggeeffame. Sababa qorannoon kun aanaa kana keessatti gaggeeffameef aadaa boonsaaafi bareedaan kun eenyummaaafi falaasama hawaasichaa gadi fageenyaan kan ibsu haala tolaafi cunqursaa sirnoota darban yookiin sirna nama nyaataa keessattii eenyummaa isaa osoo hin dagatiin itti dhimmee rakkoofi gidiraan qaamolee adda addaarraa isaa qunnamaa tureef osoo hin jilbiiffatiin dhaloota ammaaf gahuusaati. Qorannoo kana gaggeessuun bu'aan argamu olaanaa waan ta'eef aanaan kun filatame.

1.7 Hanqina Qorannichaa

Adeemsa hojii qorannoo gaggeeffamu keessatti, hanqinni mudachuu danda'a. Qorannoon yeroo gaggeeffamu sababa adda addaa irraa kan ka'e hanqina malee dalagameera jechuun rakkisaadha. Yeroo argannoo qorannoon kun gaggeeffame rakkooleen qorataa mudatan akka hanqinaatti fudhataman: - haalli nageenyaa yeroo qorannoon kun gaggeeffame yaachisaa ta'uu. Waajjira Aadaafi Tuurizimii aanaafi magaala Haramayaatti galmee barreeffamootaafi meeshaalee aadaa waliin walqabatan ragaa gahaa ta'e argachuu dhabuu. Qorataan yeroo hojii qorannoof gara araddaatti deemu akka qaama nageenyarraa yookiin diinarraa ergametti ilaaluun shakkuufi kan kana fakkaataniidha.

1.8 Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaa Shan kan of keessatti qabateedha. Boqonnaa tokkoffaa keessatti kan hammataman seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo gooroofi gooree qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqinaafi qindaa'ina qorannichaadha. Boqonnaa Lammaffaa Sakatta'a barruu jalatti yaaxinaalee qorannichaa, maalummaa meeshaalee aadaa, barbaachisummaafi gosoota meeshaalee aadaa, hariiroo walitti dhufeenya meeshaaleen aadaafi eenyummaa sabaati. Boqonnaa Sadaffaa keessatti saxaxa qorannichaa, madda odeeffannoo, iddattoofi mala iddateessuu, yoomessa qorannoofi meeshaa funaansa ragaa jedhu akkasumas, haala waliigala aanichaa, haala qilleensaa, seenaa gosoota Oromoo Harargee Bahaa, dinagdee uummata aanichaa, afaaniifi amantaa hordofaman of keessatti qabateedha. Boqonnoo Arfaffaan haala sakatta'insa ragaalee jedhu jalatti akaakuu meeshaalee aadaa Oromoo Aanaa Haramayaaf qabu, duudhaawwan hawaasa Oromoo aanaa Hamaayaa meeshaan aadaan isaanii qabu agarsiisuu, ittifayyadama aadaa walqabatee jiru maal akka fakkaatu gadi fageenyaan sakatta'ameera. Boqonnaa Shanaffaa Cuunfaa, Argannoofi Yaboo kan jedhu jalatti haalli qorannoon keessa darbe cuunfameera; argannoo jalatti xiinxala boqonnaa arfaffaatiin hanqinni mul'atee kaa'amee; dhumarratti yaanni furmaataa (yaboon) qorannoo kanaan bira gahame dhihaateera.

2. SAKATTA'A BARRUU FIROOMINAA

2.1 Yaaxxina Qorannichaa

Qorataan qorannoo meeshaalee aadaarratti xiinxala gaggeesse keessatti yaaxxina qorannoo isaa deeggaru bu'uureffateera. Yaaxxinaalee hayyootaa garagaraatiin ibsamuun lafa kaa'aman keessaa yaaxxinni qorannoo kun irratti bu'uureffatu yaaxxina tajaajilaati. Yaaxxinni tajaajilaa hawaasaa tokkoo aadaa, haala jireenya isaa beekuuf gargaara. Kunis, walitti dhufeenya hawaasaafi fedhii hawaasummaa gidduu jiru kan qoratuudha. Tajaajila waan tokkoo beekuuf yoomessa waanti sun keessatti dhimma itti ba'amu beekuun barbaachisaa akka ta'e agarsiisa.

Namoonni meeshaalee aadaatti gargaaraman faayidaa isaanii irratti hundaa'anii akka itti fayyadaman kan carraa kennudha. Akka yaaxxina kanaatti meeshaaleen aadaa kan hawaasni jiruufi jireenya isaa guyyaa keessatti dhimma itti ba'u tajaajila isaan gumaachaniin xiinxaluun dhiyaate. Yaaxxina tajaajilatti fayyadamun, yoomessa kam keessatti meeshaalee kunneen akka tajaajilaman namatti agarsiisa (*Bogatyrev, 1982:33*). Duudhaa meeshaalee aadaa eenyummaa, duudhaafi falaasama hawaasichaa calaqqisiisan karaa yaaxxina tajaajila xiinsammun akka danda'amu nama hubachiisa.

2.2 Meeshaalee Aadaa

Willian Bascom (1994:21) akka ibsutti afoolli haftee yookin hambaa fayyadamuun seenaa dhaloota darbee, seenaa har'aa wajjin riqicha ta'ee eenyummaa uummataa durii kan calaqqisiisu faayidaa ol-aanaa kan qabudha. Miseensota hawaasaa jiruufi jireenya barsiisa, kalaqa jajjabeessa hayyuulee hawaasaafi miseensota haarawaa aadaa, duudhaa, fedhii, hawwii, eenyummaa, amantaa, guutummaa dhumatti waa'ee saba tokkoo barsiisa, aadaa gaarii bakka biraa geessisuuf aadaa badaa hambisuuf gargaara. George and Jones (1995:314) Afoola gargaaramnee hawaasa wal barsiisa, duudhaa hawaasaa toora qabsiisa, fooyyessa, waa'ee eenyummaa, seenaa addunyaa isaan beeksisa akkasumas, walbashannansiisa. Afoolli faayidaa waa barsiisuu, aadaafi duudhaa hawaasaa gaarii cimsuu, aadaafi duudhaa hawaasaa ittiin dabarsuufi balaa garaagaraa ittiin jalaa miliqsuuf akka gargaaru Bascom (1965) ibsa. Akkaataa argama isaa irratti hundaa'uudhaan fookilooriin akaakuu afuritti akka qoodamu Richard. M. Dorsoon (1972:2) qorannoo isaatiin mirkaneessee keessaa meeshaaleen aadaa isa tokkodha.

Meeshaaleen aadaa ogummaa harkaa ta'ee, ergaa adda adda kan dabarsu, eenyummaa, duudhaa, haala jireenyaa, kabajaafi k.k.f kan qabu. Walumaagalaatti, gosoonni fookiloorii wal makatanii jiraachuu qofa osoo hin taane akka raawwatan illee mul'isa. (*Martha C. Sims 1963*). Meeshaleen aadaa meeshalee hawaasni tokko beekumsa isaatti fayyadamuun hojjete, itti gargaaramu haalli hojii isaaniifi itti fayyadama isaanii akkasumas hiikni isaaniif kennamu bifa wal fakkaatan dhalootaa dhalootatti darbaa kan dhufedha. Meeshaleen aadaa qaaman argamuu kan danda'aniifi ogummaa, beekumsa, kalaqa, sadarkaa jireenyaafi k.k.f. hawaasni tokko qabaachaa ture kan ibsudha. Kunneenis ogummaa hammayyaan dura kan turaniifi dandeettiifi muuxannoo aadaa kan of keessatti hammatan ta'uu isaaniiti. Meeshaaleen aadaa Oromoo ogummaa harkaa ummataa hojjetaman meeshaa migiraa, uffata aadaa, meeshaalee waraanaa, muuziqaafi faaya aadaa dubartootaafi k.k.f hammata (Fiqaadee,1991). Meeshaaleen aadaa amalaafi uumama isaanitiin akka itti qoratamanis adda adda akka ta'anidha. Aadaa kun ilmi namaa teeknoolojii hammayyaatiin fayyadamuu otoo hin jalqabiin dura ogummaa uummata bira turedha. Keessattuu barreeffamaan otoo waliigaluun hin jalqabamiin; ilmi namaa meeshaalee aadaa garaagaraa harka isaatiin tolchuun ittifayyadamaa tureefi ammas ittiin fayyadamaa jira.

2.3 Barbaachisummaa Meeshaalee Aadaa

Meeshaaleen aadaa hawaasa qabatamaan beekuun dhaloota dhufuuf dabarsurratti baratamaa waan hin turreef dhimmi aadaa dagatamaa dhufuun sababa guddaa ta'ee jira. Meeshaalee aadaa qorachuun beekumsa, falaasama, amantaa, akkaataa jireenyaa hawaasa tokkoo beekuuf nama gargaara. Meeshaaleen aadaa tolfaman kaayyoo tolfamaniif, fedhii kam galmaan ga'uuf akka yaadame, meeshaalee hojjetaman kanaaf qabanni maal akka ta'e, maal irraa akka tolfaman, eenyuun akka kalaqaman, yoom akka kalaqaman beekuun barbaachisaadha. Kalaqni nama dhuunfaa tokko meeshaalee wajjin walitti dhufeenya aadaa irraa akkaataa itti hojjetaman, tooftaa itti kalaqamaniifi hojiin ogummaa harkaa ibsituu hawaasaa waan ta'eef xiyyeeffannoon qorachuun barbaachisaadha.

2.4 Ka'umsaafi Guddina Meeshaalee Aadaa

Meeshaalee aadaa bara kana jalqabe jedhanii himuun rakkisaadha. Haata'u malee, bara duri keessa meeshaalee namoonni ittifayyadamaa turan hayyoonni Antiropolojiiifi Arki'oloojii aadaa qo'achuu jalatti damee meeshaalee aadaa itti dabalun qoratamuu jalqabe. Meeshaaleen aadaa hawaasa biratti faayidaa mataa isaa kan qabuufi eenyummaa sabaa kan ibsu ta'uusaa nama hin shakkisiisu. Kanaaf jalqabbiin

meeshaa aadaa kanaas, yeroo namoonni hawaasummaan jiraturraa eegaluusaa mul'isa. Yaaduma kana ilaalchisee jalqaba qoratamuu kan jalqabe ibsa armaan gadi ilaalun ni danda'ama.

Bara 1980 keessaa hayyoonni Arki'olojiifi Antiropolojii qalbii isaanii wantoota ijoo aadaa ibsaniifi qeeqan dhufaatii meeshaalee aadaa akka mata duree tokkootti qorachuufi walfalmuu jalqabame. Qorataan akka Chris Gossen jedhamu xiyyeefannoo isaa meeshaa aadaa qorachuun hin barbaachisuu jedha; sababni isaa waantonni kallattii nama qabsiisaniifi nama barsiisan meeshaalee aadaa kanaan argamu waan ta'eef jedha. Hayyuun Alfred Gell bara 1998 keessaa kaayyoo meeshaa aadaa bu'uura godhachuun akka ogummaa qaama murta'aa tokkotti ilaalamu qabu hubachiisa. (Gosden 2005:196).

2.5 Faayidaa Meeshaaleen Aadaa Hawaasa Ibsuu Keessatti Qaban

Meeshaaleen aadaa hawaasa Oromoo ibsuu keessatti bakka olaanaa qabu. Hawaasni addunyaa kamuu meeshaalee aadaa adda addaa dhimma adda addaaf kan ittifayyadaman yoo ta'u, meeshaaleen aadaa kunneen hawaasicha keessatti bakka olaanaa kan qabaniifi hiikni isaan hawaasa kana ibsuuf qabanis akkanuma olaanaadha. Hawaasni meeshaalee aadaa itti fayyadamu irratti hunda'uun eenyummaa isaanii adda baafanna. Meeshaaleen aadaa duriifi ammayyaa ogummaalee karaa hawaasan tolfaman irratti hunda'uun miidhaginaafi eenyummaa isaanii ittiin mul'isuuf gosoota meeshaalee aadaa heddutti kan itti dhimma bahaniidha. Hodder (1991:141) Meeshaaleen aadaa haala jiruufi jireenya keessatti ogummaa harkaan waantoota naannoo jiran irraa hojjatamee kan eenyummaa sabaa bu'uura godhachuun karaa eenyummaan ittiin mul'atudha. Hawaasni Oromoo jiruufi jireenya isaa milkeeffachuu keessatti meeshaaleen aadaa namoota kalaqa ogummaa harkaa qabaniin calaqqee eenyummaa aadaa isaa mul'isan hojjechuun itti fayyadamaa turaniiru; ammas itti fayyadamaa jiru.

2.6 Yoomessaafi Ittifayyadama Meeshaalee Aadaa

Uummanni Oromoo amantaa, duudhaaafi eenyummaa ofii sirna ittiin tikfataniifi kunuunfatani dhaloota tokkorraa dhaloota aanutti dabarsaa turan keessaa tokko meeshaalee aadaati. Kunis, kan ittiin beekamu keessaa tokko meeshaalee aadaan dhalootarraa darbaa kan dhufe qabaachuusaati. Meeshaaleen aadaa kan eenyummaa uummatichaa ibsaniifi kan ittifayyadamaa turaniifi itti jiranidha. Meeshaaleen aadaa akkuma uummanni Oromoo bal'aafi heedduu ta'e; haalli itti dhimma bahaniifi bareedan garaagara. Haalli ittifayyadama meeshaalee aadaa uummatni Oromoo hedduminaan kan fayyadamaa amma ga'aniifi

dhaloota dhufuun gara fuuldurrattis kan dhimma itti bahanidha. Akka odeeffennaan af-gaaffiifi marii gareen yaada kennetti hojiirra oolmaa meeshaalee aadaan dhimma bahuurratti umurii dargaggummaa keessa kan jiran biratti ergama eenyummaa dhaloota darbe hojiirra olchutti hanqinni bal'aan akka mul'ata ibsa. Kunis, hawaasaa hunda birratti kan dhimma itti bahamaa jiru jechuu miti. Meeshaaleen aadaa ta'an akkaataa uffannaa isaaniiifi wantota uffannaa isaanii waliin walqabatan yoo sakatta'aman meeshaaleen kun maal akka ta'an, maaliirra akka hojjatamaniifi faayidaa isaan qaban qorataan addeesseera.

Uummanni Oromoo uummata seenaafi aadaa hedduu qabuufi kan eenyummaa isaa ibsu meeshaalee aadaa qaba. Meeshaaleen aadaa kun bareedina isaanii kan ittiin tikfatan yoo ta'u, yeroo kamiyyuu isaan waliin kan jiraatuudha. Akka odeeffannoo afgangii irraa argametti hawaasni aanaa qorannoon kun irratti gaggeeffametti yeroo meeshaaleen aadaa ittiin faayaman sagantaa idileefi al-idilee adda addaa keessatti hojiirra akka oolu qorataan dhugoomseera. Meeshaaleen aadaa yeroo adda addaa hawaasni kan itti faayamu yoomessa isaatiin adda baheera. Marii abbaa gadaa magaala Haramaayaa obbo Yaasiin Mahaammad waliin taasifameetti akka ibsutti meeshaalee aadaatti kan dhimma bahan umurii ga'eessotaafi manguddootaa akka ta'e ibsa kennaniiru. Hawaasni aanaa Haramaayaa meeshaaleen aadaa yeroo adda addaatti kan miidhagan ayyaana akka Idil-al faxiir, Moolida, Aruuza, kababa ayyaana akka biyyaatti kabajamu irratti, yeroo simannaa gaggeeffamurratti, yeroo gammachuufi yeroo hiriira bahaniifi kkf irratti kan eenyummaa isaanii ibsatan aadaan miidhaganii argamu.

3. XIINMALA QORANNOO

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Meeshaaleen aadaa kan sabni tokko jireenya isaa keessatti hiikaafi faayidaa mataa isaa karaa qabuun dhimma itti bahuudha. Meeshaaleen aadaa jireenya hawaasumma keessatti uummanni jireenya addunyaa kan ittiin shaakalanidha. Saxaxni qorannoo kanaa kaayyoo qorannoon kun adeemsifamuuf kaa'ame galmaan gahuuf dhimmoota qorannichi ittiin gaggeeffaman ofjalatti kan hammatedha. Qorannoo kana gaggeessuuf akkaataa gaaffilee qorannichaa bifa quubsaa ta'een deebisuuf qorataan akka mijatutti gosa saxaxa qorannoo akkamtaatti dhimma baheera. Qorannoo kana keessatti saxaxa qorannoo sanyaabsaatu dhimma bahame. Akka Filee (2019:45) jedhutti, “Qorannoo aadaa hawaasaa keessatti, akka malleen qorannootti hojiirra kanneen oolan keessaa gosti qorannoo sanyaabsaa daran filatamaadha.” “Qorannoon mala kanaan gaggeeffamu odeeffannoo hawaasa bu'uureffateefi mala iddatteessuu yookiin mala ibsaatiin dhiheessudha.” Dastaa (2009:20) dabalataanis gosa qorannoo akkamtaa filachuun kan barbaachiseef qorannicha keessatti ragaalee dhiyaatan gadi fageenyaan sakatta'uun qulqullinaan ibsuudhaafi mala akkamtaa filachuun qorannoo kana caalaatti bu'aa qabeessa kan godhedha.

“Qorannoon ibsaa qorataan yaada tokko kaasee rakkinichi hammam yaadessaa akka ta'e, duudhaafi haala jiru bu'uura godhachuudhaan bifa seenessaan dhiyaatudha.” Yaalew (2009:20) kanaaf qorannoon ibsaa waa'ee sanyaabsaa yookiin aadaa kan qoratu waan ta'eef bifoote adda addaan gaggeeffamuu danda'eera.

3.2. Madda Ragaalee

Maddi ragaalee qorannoo kanaa bifa lamaan kan qoodamanii dhihaatanidha. Maddi ragaa tokkoffaa qaama matadureen qorannichaa kallattiin ilaallatudha. “Kan qorataan kallatiidhaan hawaasa qorannoon irratti gaggeeffamu fuulaa fuulatti marsaa lamaan walqunnamuun odeeffannoo funaannatedha”. Jiraattoota aanaa Hamaayaa keessaa Abbaa Gadaa, Manguddoota, Haawwan dabalatee namoota kudha jaha; hojjettoota waajjira Aadaafi Turizimii aanaarraa nama lamaafi magaala Hamaayaa irraa namoota lama kan odeeffannoofi hubannoo ittifayyadama meeshaalee aadaa irratti beekumsaafi muuxannoo qaban irraa odeeffannoo kallattiin funaannateera. “Madda ragaa lammaffaa odeeffannoo barbaannu maddeen barreeffama kanneen maxxanfamaniifi hin maxxanfame irraa odeeffannoo viidiyoodhaan yookaan

kaameeraa suur-sagaleedhaan waraabamanii jiran odeeffannoo barbaachisaa ta'e aanaafi magaalarraa walitti qabatera. Akkasumas, odeeffannoo qorataan waantoota qorannoo isaa waliin hidhata qaban Waajjira Aadaafi Tuurizimii Godinarraa hayyoota adda addaatiin amman dura barreeffaman, kan sagaleen waraabamanii bifa qorannoon gaggeeffaman yookiin shelfiirra jiran irraa ragaalee argate akka madda ragaa lammaffaatti fudhatee qorannoo isaa gaggeesseera.

3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Godinni Harargee Bahaa godinoota Oromiyaan qabdu keessaa ishii tokkoodha. Godinni kun aanaalee 19 qabdu keessaa aanaan Haramaayaa ishee tokkodha. Aanaan kun gandoota baadiyyaa digdamii shanii (25)fi gandoota magaalaa sadii(3),walumaagalatti gandoota digdamii saddet (28)qabdi. Gandoota baadiyyaafi magaala keessaa qorataan gandoota afur (4) filachuun qorannicha geggeessee jira. Sababiin qorataan gandoota baadiyyaa irratti xiyyeeffates, odeeffannitoonni meeshaalee aadaarratti hubannoofi beekumsa qaban irra caalaatti baadiyyaa waan jiraataniif, odeeffannoo gahaa ta'e madda isaa irraa argachuun barbaachisaadha. Tokko tokkoon araddoota dhiira lamaafi dubartoota lama walumatti dhiira saddeetiifi dubartoota saddeet walitti namoota 16 marsaa lamaan akkasumas waajjira aadaafi Tuurizimii aanaafi magaala Haramayaa keessaa dhiira lamaafi dubartii lama mala iddatteessuu darbaa dabarsaan gargaaramee qorannoo gaggeesseera.

Qorataan qorannoo kana gaggeessuudhaaf akaakuu iddatteessuu mit-carraatti dhimma bahee jira. Malli iddatteessuu Mit-carraa kana keessaa ammoo iddatteessuu akkayyootti dhimma baheera. Sababiin iddatteessuun kun filatameefis, dhimma qoratamu irratti namoota muuxannoofi hubannoo qaban eerumtaa hawaasaatiin filachuuf waan nama gargaaruudha. Walumaagalatti qorannoo aanaa Haramaayaatti gaggeeffame araddaa arfan tokko tokkoon araddoota dhiira lamaafi dubartoota lama walumatti dhiira saddeetiifi dubartoota saddet walitti namoota kudha jaha gargaaramee qorannoo gaggeesseera.

3.4 Malleen Funaansa Ragaalee

Qorannoo kana dhugoomsuuf meeshaaleen ittiin ragaan funaanaman gahee guddaa qabu. Kanaafuu qoratichi meeshaalee funaansa ragaalee gosa sadiitti dhimma baheera. Qorannoo akkamtaa qorataan odeeffannoo walitti qabachuuf malleen qorannoo akka, Af-gaaffii, Marii garee, Sakatta'a Galmeewwaniifi

daawwannaa dirreen tooftaa mala rog-sadeessuutti dhimma baheera. Kunis, amanamummaafi bu'aa qabeessummaa qorannichaaf gumaacha isaan qaban guddaadha.

3.4.1. Af-Gaaffii

Af-gaaffiin meeshaalee funaansa ragaa keessaa isa tokko yoo ta'u, kan qorataan qorannoo fuulaa fuulatti odeefkennitoota araddaa Waltahaa, Addellee, Haroo Adiifi araddaa Ifaa Oromiyaarraa ragaa funaanedha. Araddoota afran keessaa namoota dhiira lama, lamaafi dubartoota lama, lamaa walitti namoota dhiira saddet (8), dubartii saddet (8) walumaagalatti af-gaaffiif namoota 16 kanneen muuxannoo yookiin hubannoo qaban waliin marsaa lamaan afgaaffii taasifameera. Sababiin qorataan mala kana filateefis odeeffennaan gaaffii dhihaateef akka fedhetti deebii kennuuf akka danda'an carraa walaba ta'e waan qabuuf mala kanatti fayyadamee qorannoo isaa gaggeesseera.

Qorataan gosa afgaaffii akkaataa barbaachisummaa isaatti afgaaffii banamaa dhimma itti baheera. Kunis, qorannoon kun deebii bal'aa yookiin ibsa gahaa akka kennaniif jecha gosa afgaaffii banamaa gargaaramera. Odeefkennitootni gaaffii gaafatamaniif deebii kan kennan bakka waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaafi magaalaa Haramaayaa akkasumas gandoota odeefkennitootaf mijatu filachuun qorataaf deebii kennaniiru.

3.4.2. Sakatta'a Galmeewwan Qorannoo

Qorannoo kanaaf galmeewwan adda addaa meeshaalee aadaa agarsiisan waliin walqabatan barruuleefi kan kana fakkaatanitti dhimma baheera. Tooftaan kun adeemsa qorannoo tokko gaggeessuu keessatti fudhatamaafi dhugummaa qorannichaa mirkaneessan kitaabilee, galmeewwaniifi barreeffama yeroo adda addaatiin waajjira aadaafi Tuurizimii aanaafi magaala Haramaayaa sakatta'ame walitti qabachuun gaggeesseera. Sababiin qorataan meeshaalee odeeffannoo kana keessatti tooftaa kanatti fayyadamuu barbaachiseef odeeffannoo gahaa argachuu kan danda'e hojii qorannoo galmeewwaniifi barruulee adda addaa aanaafi magaalarratti dabalataanis WAT Godina Harargee Bahaa xiinxalee dhimma itti baheera.

3.4.3. Marii Garee

Mariin garee odeefkennitoota muuxannoo qabaniin waan adeemsifameef yaadota af-gaaffii, sakatta'a galmee keessatti qorataan dhimmoota ifatti hin bahin kan ittiin adda baafatedha. Barbaachisummaan marii

garee kanaa ragaalee adda addaa namoota biroon kennaman mirkaneeffachuu akka ta'e yaada kana kan deeggaredha. Fileen (2016:63). Odeeff kennitoota hawaasa keessatti muuxannoofi beekumsa qaban araddoota arfan jechuunis araddaa Waltahaa, araddaa Addellee, araddaa Haroo Adiifi araddaa Ifaa Oromiyaa keessaa dhiira lamaa, lamaafi dubartoota lama, lamaa marii garee yeroo lama dhiira saddetiifi dubartoota saddeet waliigalatti namoota kudha-jaha odeeffannoo kallattiin gaggeessuun ragaa walitti qabateen qorannoo gaggeesseera.

3.4.4. Daawwannaa Dirree

Daawwanaan qorannoo dirreetiif filatame qorataan yoomessa dhugaa keessatti ta'ee jiru gochaan, jechaan, meeshaa itti dhimma bahan arguun, dhagahuun, ilaaluun, qaama miira isaa sadan walfaana itti gargaaramuun ragaa dhugaa fudhateera. Dastaa (2013:118) “Akkaataa itti dalagan, haasawaa, sochii isaanii fi kan kana fakkaatan ilaalaniifi dhaggeeffatanii galmeeffachuuf nama fayyada” jechuun ibsa. Dabalees yaaduma kana Addunyaan (2011:10) akka kanaan cimsa. “Qorattoonni haala jiruufi jireenya hawaasaa irratti gaggeessuu barbaadan odeeffannoo kan argatan waan daawwatame, mari'atame, argame, dhaga'an, haala naannoofi jiruufi jireenya hawaasichaa ilaalchisee waan dubbisan irraatti” jechuun ibseera. Qorataan yoomessa uumamaa bakka itti dhimmi afoolaa ittifayyadama meeshaalee aadaa wajjiin walqabatee adeemsifamutti qaamaan argamuun daawwannaa geggeesseera.

Qorataan duraan dursee gandoota qorannoo gaggeessu osoo hin deemiin gara waajjira aadaafi Tuurizimii aanaafi magaalatti deemuun hoggansaafi ogeessa sona aadaa waliin marii taasisuun mata duree qorannoo kana waliin barreeffamoota jiran waajjira keessatti jiraachuu adda baafateera. Araddootaafi namoota muuxannoofi beekumsa qaban eenyufaa akka ta'an adda baafateen mala daawwannaa kana filatee qorannoon gaggeesse jira. Araddoota arfan keessatti odeeff kennitoota filachuun ogeessa sona aadaa waliin ragaalee walitti qabachuun hojiin qorannoo kun taasifame. Qorataan mala daawwannaa dirree taasiseen meeshaalee aadaa tajaajila hawaasummaa keessatti hojiirra oolan yookiin dhimma itti bahan qabatamaan adda baafatee hojii qorannoo isaa gaggeesseera.

3.5 Ibsa Waliigalaa Naannoo Qorannichaa

Meeshaaleen aadaa hawaasa Oromoo ibsuu keessatti bakka olaanaa qabu. Hawaasni addunyaa kamuu meeshaalee aadaa adda addaa dhimma adda addaaf kan ittifayyadaman yoo ta'u, meeshaaleen aadaa kunneen hawaasicha keessatti bakka olaanaa qabaniifi hiikn isaan hawaasa ibsuuf qabanis akkanuma

olaanaadha. Qorannoon kun kan adeemsifame godina Harargee Bahaa Aanaa Haraamaayaa keessatti. Maqaan “Haramaayaa” jedhamu kan moggaafame namoota maatii warra “Maayaa” jedhaman kan bara durii naannoo harasanaa qubatanii jiraatan irraa kan ka’e, laggeen maayaa jedhamaniifi haroo laggeen jiddutti uumamee jiru irratti hundaa’uun “Haramaayaa” jedhamuun moggaafame. Aanaan Haramaayaa Finfinnee irraa k.m 490, Magaalaa godinichaa Harar irraa k.m 23 fagaatee kan argamuudha. Aanaan kun bulchiinsota magaalaa lama kanneen araddoota sadii ofjalatti qabataniifi araddoota qonnaan bulaa soddonii-sadii kan qabuudha. Sabaafi Sablammoonni aanaa kana keessa jiraatan saba Oromoo, saba Amaaraa, saba Somaalee saba Guraagee, saba Adareefi saboonni muraasni kanneen birootiis keessatti ni argamu. Baay’inaan harki sagaltamii Saddetii ol saba Oromooti. Aanaa Haramaayaa kanneen daangeessan Bahaan aanaa Kombolchaa, Lixaan aanaa Qarsaafi Kurfaacallee, kaabaan Dirree Dhawaa, kibbaan aanaa kurfaacaleefi Fadis ni daangeessu. Harawwaniifi laggeen aanaa kana keessatti argaman: Hara Addeellee, Haramaayaa Xinniqqee yoo ta’an laggeen immoo Maayaa guddoo, Hammarreessaafi Maayaa qalloodha. (Barruu seenaa Aanaa Haramaayaa 1980:8-11) kan hin maxxafamne.

3.5.1 Haala Qilleensa Aanichaa

Aanaan Haramaayaa aanaalee 19 Godina Harargee Bahaa qabdu keessaa ishee tokko kan taate, bal’inni lafa ishee hektara 55,0000 dha. Kunis lafa dirree %55 lafa ol ka’aa %35 yogguu ta’u lafti gaaraa immoo %10 dha. Qilleensi aanichaas Badda-daree % 69.9, Gammoojjii % 33.1 fi ho’insi aanichaa gadi aanaa digrii sentigireedii 22 0c ol aanaa immoo digrii sentigireedii 25(c°). dha. Haalli Roobaa guddaan 866mm, Roobaa jidduugaleessan 498 mm fi Roobaa xiqqaan immoo 118mm dha. Walumaagalatti haala Roobaa giddugaleessaan miilii liitira 866-118ml) kan ta’eefi ol ka’insi sirrii galaana irraa lafti ishees km2 1450-3000 jidduu jiru irratti kan diriiree argamudha. Gosti omishaa aanaa kana keessatti omishamu: gosa midhaan adda addaa, kudraafi muduraa akkasumas omishni Jimaa madda galii olaanaa hawaasa aanichaati. Yuunvarsiitiin Haramaayaa aanaa Haramaayaa keessatti kan argamuudha. Fageenyi Yuunvarsiitii magaalaa Haramaayaa irraa kiiloommeetira shan fagaatee kan argamudha.

Aanaan Haramaayaa kan hundeeffamte bara 1880 keessa akka ta’e ragaan jiru ni ibsa. Aanaa Haramaayaa bal’ina lafaa heektaara 55,000 fi bulchiinsa magaalaa afur kan qabdu yoo ta’u, baay’ina uummataa akkaataa ragaa bara 2002 mirkanaa’ee bahetti uummanni baadiyaafi magaalaa aanichaa keessa jiraatu dhiira 139,464 dhalaa 136,065 waliigalatti uummata 275,527 ta’utu baadiyaa Aanicha keessa jiraata. Haala argama birqabaan kaabaafi Lixaan Aanaa Qarsaa, Bahaan Magaala Awwadaay, Kibba Bahaan

Aanaa Kurfaa Callee, Kibba Lixaan Aanaa Fadisfi kaabaan immoo Aannaa kombolchaa daangeffamtee argamti. Haalli teessuma lafa Aanichaa (%35) lafa ol ka'aa yoo ta'u (%55) dirreefi lafa gaaraa immoo (%10) dha. Naannawaan isaa gammoojjii baddaa-dareedhaan kan marfameedha. Haaluma kanaan Aanaan Haramaayaa amala qilleensa lama yemmuu qabaattu badda-dareen (%66.9) gammoojjiin (%33.1) dha. Namoonni naannoo kana jiraatan qonnan bultoota yoo ta'an, amantiin isaanii Islaama kan hordofaniidha. (Physical and socio- economic profile Oromia Region, 2000:352).

3.5.2 Diinagdee Uummata Aanichaa

Akkuma Aanolee Godina Harargee Bahaa biroo, hawaasni aanaa Haramaayaa diinagdeen isaanii hojii qonnaa irratti kan bu'uureffatedha. Aanichis akka waliigalaatti 99% kallattiinis ta'e al kallattiin jireenyi isaanii hojii qonnaa irratti kan bu'uureffatedha. Midhaan oomishanis Bishingaa, Mixaaxisa, Saliixa, Boqqolloofi kan kana fakkaataan yommuu ta'an, sharafa biyya alaa Jimaafi Bunni isaan gurguddoodha.


3.5.3 Afaaniifi Amantii Uummata Aanichaa

Akka Ragaa Istaatiksii biyyoolessaa Itoophiyaa bara 1998 addeessetti, baayyinni jiraattoota aanichaa keessaa jiraatan waliigalan kuma dhibba lamaafi kuma torbaatamii shaniifi dhibba shaniifi digdamii torba (275,527) yommuu ta'an, kana keessaa baayyinni dubartootaa kuma dhibba tokkoofi kuma soddonii jahaafi jahatamii shan(136,065) dha. Aanaa Haramaayaa uummattoota jiran keessaa %99 uummata Oromoo yoo ta'an. Afaan dhalootas ta'ee afaan hojii isaanii afaan Oromooti. Hawaasni muraasa ta'an afaan sabaafi sablammootaa biroo kan dubbatan yommuu ta'u, aanaa kana keessatti amantiwwan gurguddoo Islaama, Ortodooksii pirotestaantiifi waaqeffataan argamu.

3.5.4 Hidda Dhalootaafi Qubsuma Oromoo Aanaa Haramaayaa

Hawaasni Oromoo Harargee Bahaa jiraatu, akkuma hawaasa Oromoo kanneen biroo hidda laatinsa ofii ta'e qaba. Kunis, Oromootni Harargee Bahaa keessaa jiraatan ilmaan Humbaanaa lamaan Anniyaafi Qalloo irraa kan dhalatan yemmuu ta'an isaanis: ilmaan Anniyyaa sadachittiifi afran Koddhellee kan jedhamanidha. Akkasumas ilmaan Afran Qalloo (Baabbillee, Dagaa, Oborraafi Alaa) jechuun kan beekamanidha. Akkaataa hidda laatinsa hortee Anniyyaa lafa gammoojjii daangaa Bookee irraa kaasee hanga Mulluutti kan argamu yommuu ta'u, kallattii Bahaan Baabbilleefi Somaalee, Kallattii Kaabaan Alaafi Ittuu, Lixaan Ittuu, Kibbaan Baaleefi Somaaleen daangeffamanii argamu. Ilmaan arfan Qalloo kun

irraa caalaatti Aanoota Harargee Bahaa baayyinaan jiraatu. Isaanis Obborraan ilmaan afur qaba, Akkichuu, Billiifi Dooranii yommuu ta'an, Alaa Qalloo ilmaan¹²(Buubbuu, Gutayyuu, Diiraamu, Eree, Galaan, Aroojjii, goolloo, Abbadhoo, Meettaa, Kakkoo, Abbayiiifi Nuunnuu) jedhamu. Baabbillee Qallootiis ilmaan guddifachaa lama Hawwiyaafi Giri waliin Arreeleefi Heeban dabalatee ilmaan 4 qaba. Dagaa Qalloo ilmaan sadii (Jaarsoo, Noolee fi Hummee) kan jedhamanidha. Horteen kunis caasessoon yeroo agarsiisaman:



(Maddi Ragaa: Seenaa Saba Oromoofi Sirna Gadaa, Kitaaba Duraa; Finfinnee, Fulbaana 1991)

3.6 Naamusa Qorannoo

Qorannoo gaggeeffamu keessatti naamusa qabaachuufi of eeggannoo gochuun bu'aalee qorannoo sanaaf murteessaadha. Naamusni qorannoo seerota, safuu hawaasaa, daangaa hawaasaafi qorataa jidduu jiru, wantoota hawaasni haayyamuufi hinheeyyamne, jaallatuufi jibbu, wantoota hawaasa gammachiisuuf jibbisiisu beekuun kabajuu, naamusa gaarii hawaasaafi qooddattoota biratti qabaachuu, ragaa funaanuuf haayyama hawaasaafi qaama bulchiinsaa argachuu; garaagarummaafi safuu garee hawaasaa ta'an dubartii, manguddoo, daa'immaniifi kan kana fakkaatan jidduu jiru beekuudhaan hawaasicha keessa nuffii malee odeeffannoo qabatamaa ta'e argachuu qorannoo gaggeesseera. Qorannoo aadaa keessatti naamusa qorannoof xiyyeeffannoo kennuu jechuun argannoofi bu'aalee qorannoo sanaaf xiyyeeffannoo kennuudha Filee (2011:69). Sakkoo qorataa irraa eegamuu qabu haala uffannaa hawaasa keessaa yookiin bakka mana hojii sanaafi akkaataa dhiyaanyaa namoota waliin, icciitii waajjirichaafi qaamota odeeffannoo kennan eeguudha. Haaluma kanaan qorataan qorannoo kanaa hawaasa keessa yeroo bobba'etti naamusa dhimma qorannoo kanaaf hariiroon qaamolee barbaachisoo ta'an waliin uumee waan raawwachuun irra jiru raawwachuun waan raawwachuu hin qabne irraa of eeggannoo gochuun kan gaggeesseedha. Dabalataanis yeroo odeeffannoon qorannoo kanaa karaa adda addaa funaanamu hayyama isaanii malee sagalee waraabamuufi suuraa isaanii kaasuun fudhatamummaa waan hin qabne hundarraa of qusachuun qorannoo isaa gaggeesseera.

4. DHIYEESSE XIINXALAAFI IBSA RAGAALEE

Fookilooriin haftee ykn hambaa fayyadamuun seenaa dhaloota darbee, seenaa har'aa wajjin riqicha ta'ee eenyummaa uummataa kan calaqqisiisu, jiruufi jireenya kan barsiisu, kalaqa kan jajjabeessu, hawaasaafi miseensota aadaa, duudhaa, fedhii, hawwii, eenyummaa, amantaa, guutummaatti waa'ee saba tokkoo barsiisa, aadaa gaarii bakka biraa geessisuuf aadaa badaa hambisuuf gahee qaba. Qorataan gosoota fookiloorii arfan hawaasa Oromoo keessaa meeshaalee aadaa wajjiin hariiroo qaban odeeffannoofi ragaalee marii garee keessatti barbaachisan xiyyeeffannodhan walitti qabateera.

4.1 Xiinxala Ragaalee Af-Gaaffiifi Marii Garee Irraa Argaman

Malleen qorataan itti fayyadame ka'umsa isaa jalatti gaaffilee bu'uura dhihaatan keessaa waan mirkaneeffachuu barbaade gadi fageenyaan dhihaataniiru. Haaluma kanaan manguddoota hubannoo meeshaa aadaa irratti qaban filachuun, namoota waajjira aadaafi turizimii aanaafi magaala keessa hojjatan, abbaa Gadaa affeeruun jalqaba haala duudhaan hawaasaa irra tureefi jijjiirama amma mul'ataa jiru akkasumas, gara fuula duraatti maal ta'uu qaba jedhurratti mariin gaggeeffameera.

Qorataan araddaa Waltahaa, Addellee, Haroo Adiifi araddaa Ifaa Oromiyaarraa ragaa akkaataa barbaachisummaa isaatti afgaaffii banaatti gargaaramee odeeffennitootarraa ragaalee fuulaa fuulatti walitti qabachuun dhimma itti baheera. Qorataan qorannoo Araddoota afran keessaa dhiira saddet (8), dubartii saddet (8) walumaagalatti af-gaaffiifi marii gareef namoota 16 kanneen muuxannoo yookiin hubannoo qaban waliin marsaa lama marii taasiseera.

Yaadota af-gaaffii, sakatta'a galmee keessatti qorataan dhimmoota ifatti hin bahiin ragaa marii garee ittiin adda baafatedha. Kunis, marii gareen ragaalee adda addaa namoota biroon kennaman mirkaneeffachuun odeeffannoo walitti qabateen qorannoo gaggeesseera.

4.2 Haala Ittifayyadama Meeshaalee Aadaa

Meeshaaleen aadaa haala jiruufi jireenya keessatti ogummaa harkaan dhimmoota naannoo jiran irraa hojjatameen kan eenyummaa sabaa bu'uura godhate ittiin mul'atedha. Meeshaa aadaa waliin walqabate beekumsa hawaasa keessa jiruun kan hojjatameedha. Namoonni ogummaa kana qaban yeroo durii namoota kanaaf moggaasa kennu. Hojiin ogeessota kanaan hojjatamu murteessaa ta'ee osoo jiruu karaa

dogoggoraatiin hawaasni ogeeyyii kanaan maqaa addatti moggaasee waamu yeroo ammaa kana ilaalchi kun jijjiiramee ogummaa beekamoo ta'ee dhaabbanni leenjii teekinika ogummaa dhaabbateen namoonni isa baratan hojii gurguddaa ittiin hojjatanii jireenya gaarii itti jiraatan agarra.

Gosoonni meeshaalee aadaa hedduu akka ta'an barruuwwan adda addaa ni ibsu. Meeshaaleen aadaa kun sabni tokko jireenya isaa keessatti haala hiikaafi faayidaa mataa isaa qabun kan hojjetan dhimma itti bahuufi jireenya hawaasummaa kan ittiin shaakalaniidha. Abbaa Gadaa Yaasiin Mahaammad jiraataa Magaala Haramaayaa 02, sadaasa 20/2013 ogummaan harkaa eenyummaafi kabaja namoonni miidhagina qaamaa, itti fayyadaman eenyummaafi kabaja ittiin ibsachuuf oola jedha. Kunis, meeshaan aadaa calaqqee eenyummaa hawaasaa ibsuu irra darbee kabaja hawaasni akka qabaatuufi eenyummaa isaatti akka gammadu kan godhu, haftee dhalootaa dhufuuf kan darbu akka ta'e dhugaa jiru lafa kaa'a. Meeshaaleen aadaa dubartootaa miidhagina ibsuun ciinatti eenyummaa, kabaja hawaasni qabu ibsuuf mallattoo sabaa qabu. Uffatni aadaa calaqqee eenyummaa miidhagina qaama isaanii eeguuf cinaatti ittifayyadama uffata aadaa halluu hiika qabeessa ta'en fayyadamu. Ogummaa mukaa, sibiilaa, gaanfaa, rifeensa mataa isaanii itti fayyadaman haala gaarii ta'en kan kabajaafi miidhagina isaanii kan ibsu, kan miidhagina qalbii namaa harkisan kana irratti qorataan qorannoo gaggeessera.

4.3 Meeshaalee Aadaa Eenyummaa Ibsan

Hawaasni aanaa Haramayaa meeshaalee aadaa kan mallattoo eenyummaa isaanii ittiin ibsatan, kan kunuunfatanii har'aan gahataniidha. Uffanni aadaa wantoonni isaan irraa hajjeetaman, qaama isaan irratti godhataman, umrii isaan itti fayyadaman yoo ilaallu hawaasa keessatti itti fayyadamuurratti garaagarummaan giddu isaanii kan jirudha. Uffata aadaa koorniyaa lamaan isaan fayyadaman mallattoo eenyummaa saba sana ittiin ibsuudha.

Akka (Turner, 1967:167) jedhutti meeshaaleen aadaa hawaasa fayyadamaa godhuu keessatti mallattoofi ibsa mataa isaa danda'e qabatee dhiyaata. Mallattooleen wanta dachaa qabatee dhiyaate caasaa mallattooleef hiika kenna. Kun ammoo, haala itti fayyadama isaatin meeshaaleen kun akkuma akaakuu isaaniifi hiikni mallattoo isaani adda addaadha. Haalli ittifayyadama meeshaaleen aadaafi uffata garee tokko dhihatullee hiika eenyummaa garee sanaa qabatee dhiyaata. Kanaaf, maalumma eenyummaa bu'uura gudhachuun meeshaaleen aadaa mallattoolee kabaja hawaasaa ibsuun gosoonni meeshaa aadaa garaagaraa qaama isaanirratti godhataman ni mul'ata. Yeroo hedduu tajaajilli mallattoolee meeshaa aadaa

keessatti mul'atu kabaja jiru haala adda addaa keessatti ibsuun tajaajila. Yeroo ayyaanaas, ta'e yeroo sagantaalee tokko tokkoo naannoo adda addaatti mallattoolee kabaja agarruun waa'ee uummata kanaa barra. Meeshaalee aadaa fayyadamnu irratti hunda'un mallattooleen uummanni aanaa Haramaayaa fayyadamus kabaja guddaafi mirga isaanii kan eegisisu calaqsiiisu ni mula'ata.

4.4 Xiinxala Meeshaalee Aadaa

Ragaan odeeffkennitoota irraa walitti qabaman akkaataa kaayyoo qorannoo galmaan ga'uutti qindaa'anii xiinxalamaniiru. Dabalataan yaadni beektonni waa'ee mataduree irratti qabanisi ragaa qindaa'e waliin walbira qabanii dhiyaataniiru. (Dastaa, 2013:67) Odeeffannoon funaaname akka calqaba xiinxalamu hiika waliin qaacceffamaniiru. Odeeffannoon qorannoo kanaaf walitti qabame meeshaa funaansa ragaalaa afgaafii, marii garee, sakatta'a galmeeffii daawwannaa dirreen bifa barreeffamaan, suuraafi sagaleen qindaa'eera. Aanaa Haramaayaa keessatti yoomessi meeshaalee aadaa walqabatanii hojiirra oolan hedduudha. Isaan keessaa yeroo ayyaana hiikaa soomanaa, sagantaa addaa bashannanaafi ayyaana waggaa kabajamu keessaatti dhimma itti bahan isaan muraasadha.

Meeshaaleen aadaa hawaasicha keessatti argaman lakkoofsan hedduu yoo ta'anillee tokko tokkon addaan baasanii xiinxaluuf yaalame jira. Meeshaalee aadaa faffaca'anii jiraachurraa kan ka'efi namoota hunda biratti akka barbaadametti yookiin hanga yaadame argachuun rakkisaa ta'us, meeshaalee dabalataa argachuuf waajjira Aadaafi Tuurizimii Godinaa keessatti walitti qabaman gargaaramee qorannoo isaa gaggeesseera. Kunneen gosa gosaan addaan baasuun hojiin qorannoo irratti gaggeeffamee jira. Meeshaaleen aadaa waajjira aadaafi Tuurizimii aanaa, magaalaafi dabalataan waajjira godinaa keessatti argaman kun haala walfakkii gosa dalagamaniif garee adda addaa jalatti kan qoodamanidha. Akaakuun qoodaminsa isaan qabaniin akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

4.4.1 Meeshaalee Waraanaa

Meeshaalee aadaa sibiila irraa tumamanii kan qophaa'an yommuu ta'an, waan tokko ittiin waraanuuf yookiin ittiin qaluuf akkasumas ittiin muruuf kan tajaajilanidha. Yeroo ammaa meeshaaleen sibiilaa kan ammayyaa osoo hin jiraatiin dura hawaasni Oromoo weerara isaarratti haggamame ofirraa qolachaa tureera. Meeshaaleen kunis kanneen akka eeboo, gaachana, meencaa faa fayyadamaa ture. Meeshaaleen aadaa hawaasa Oromoo waliin hariiroo guddaa qabu kun miidhaginaafi eenyummaa ofii ibsuu keessatti gahee guddaa waan qabuuf dhimma itti bahaa ture akka arman gadiitti dhihaataniiru.

Biillaa/Giilee: - Meeshaan aadaa waraanaa mudhii irratti dalga hidhatamudha. Meeshaan waraanaa kun Cuubee waliin bocaan hanga tokko yoo wal fakkaatan illee guddina sibiila isaatiin baayyee olaanaadha. Sibiila qara kan gogaa keessatti suuqamu kun galkaa jedhamuun kan beekamu yommuu ta’u, kal’oo irraa kan tolfamu dha. Hawaasni aanaa Haramaayaa meeshaa waraanaa kana tajaajila waa muruu, ittiin waa waraanuufi qaluun alatti warri dhiirotaa uffata aadaa marxoo waliin hidhachuun kan ittiin of miidhagsanii gartuu hawaasaa isaanii ittiin akka ibsatan Obbo Mo’aaz Mahaammad ibsa.



Suura 1: Meeshaa Biillaa/Giilee

Eeboo:- Meeshaan waraanaa aadaa kun waan tokko ittiin waraanuuf kan hawaasichi ittiin tajaajilamudha. Meeshaan waraanaa kun, yeroo baayyee dhiirotaan kan qabatamu waan ta’eef akka gootummaatti hawaasa biratti kan ilaalamuufi qabatamudha. Eeboon sibiila battee ta’ee kan qara qabuufi qabannaa muka akka harkaaf toluttu kan qophaa’udha. Meeshaan aadaa kun dhaloota har’aan dagatamee harka qullaa deemuun akka kan mul’atuufi diina agaamamee dhufu jalaa of baraaruu rakinni jiraachuu odeefkennitootni dhugaa jiru lafa kaa’aniiru. Yeroo durii warri dhiirotaa harka qullaa deemuun kan hin jirre ta’us, ammaaan tana meeshaa akka eeboo qabachuun qanfatamaa akka dhufeefi diina ofii dhabamsiisurratti dhaloonni ammaa biratti of dagachuu baayyachaa dhufeera jedhu.

Eeboon uummata Oromoo biratti gootummaa hawaasaa kan ibsudha. Kunis dhiirotaan kan qabatamu ta’ee akka safuutti waan ilaalamuuf qara eeboo gadi garagalchani qabachuun aadaa hawaasaa cabsuudha. Yeroo baayyee meeshaaleen waraanaa kan aadaa keessaa sodaatamaa waan ta’eef mammaaksa “eeboofi eegoon nama irraa hin gortu” jedha kunis eeboon hawaasa tokko keessatti hangam sodaachisaa akka ta’e kan ibsu odeeffennaan Abbaa Gadaa obbo Yaasin Mahaammad jiraataa Magaalaa araddaa 02 Caamsaa 12/2012 ibsa kenneera.



Suura 2:- Meeshaa Eeboo

Gaachana

Gaachanni gogaa roobii ykn gafarsa irraa kan tolfamu ta'ee faayyi isaa bara durii qalahaadhaan ykn birrii xagaraatiin miidhagfameefi waanta naannoo irraa argamu kan akka migiraafi gogaa horii irraa hojjachuu dhimma barbaadamuuf oola jedha odeefkennaan obbo Imaam Jibriil jiraataa araddaa Addallee. Meeshaan aadaa Kal'ee yookiin luffisa gogaa bineessotaafi faaya garaa garaa irraa akka hojjatamu odeeffannoon maanguddoo nimirkaneessa. Kunis, yeroo durii faayaa sibiilaafi gogaa leencaa, qeerransaa, jaldeessaafi kan kana fakkaatu irra hojjatama booda irra duwwaa ta'aa dhufe.

Gaachanni meeshaa tajaajila waraanaaf oolan keessaa isa tokko dha. Uummanni Oromoo yeroo meeshaa kana akka dhaadannootti itti gargaarama. Tajaajila Gaachanaa yeroo ibsinu obboleessi ofii gaachana ofiiti, abbaan ofii gaachana ofiiti, biyyi ofii gaachana ofiiti jechuun hawaasni ittiin ibsata jedha Abbaan Gadaa Magaala Haramaayaa Yaasiin Mahaammad. Kanaaf Gaachanni gaaddisa hawaasa Oromooti jechuu akka nama dandeessisu yaada odeefkennitootarraa argame addeesa.



Suura 3:- Meeshaa Gaachana

Meencaa: - Meencaan meeshaa aadaa sibiilarraa hojjetamu ta'ee waan tokko ittiin muruuf yookiin diruuf kan tajaajiludha. Sibiila baayyee qara qabeessa ta'eef salphaatti waan tokko dhimma itti bahuuf filatamaadha. Mukti qabannaa meeshaa aadaa kanaaf oolus fedhii abbaan kan hojiirra ooluu ta'ee kan umurii ijoolleef ta'us akka jiru odeefkennan kun ibseera.

Meencaan meeshaa aadaa dhimma waraanaaaf qofa osoo hin taane hawaasa aanaa Haramayaa biratti hojii qonaaf, miidhaginaafi diina ofirraa fonqolchuuf gahee guddaa qaba. Meencaan warra dhiirata baadiyyaa keessatti baayyinaan tajaajila addaa kan qabu yogguu ta'u warra magaala birattis tajaajilli isaa bicuu ta'us faayidaa guddaa kan qabudha.



Suura 4:- Meencaa Aadaa

4.4.2. Meeshaa Muuziqaa Aadaa

Meeshaaleen muuziqaa adaaa meeshaa muuziqaa hammayyaatiif bu'uura ta'uun isaan kan nama wal gaafachiisu miti. Meeshaaleen muuziqaa aadaa barbaachisummaan isaanii guddaa akkuma ta'an tajaajila isaan kennaniin boodatti hafoodha. Kunis, yeroo rakkoo ittiin waliif dirmachuu, yeroo gaddaa ittiin waliif ergaa dabarsuu, yeroo gammachuu ittiin wal onnachiisuu keessatti har'allee hawaasa kana waliin umurii dheeraa jiru. Meeshaaleen muuziqaa aadaa lakkoofsaan muraasa ta'an kan hawaasa keessatti argaman keessaa Dibbee, Huluullee, Masiinqoodha. Meeshaaleen eeraman kunneenis akkaataa kalaqama isaaniin yoomessa keessatti tajaajilan akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

Dibbee: - Dibbeen meeshaa muuziqaa hawwasni tajaajilamu keessaa isa tokko ta'ee sirba tokko midhagsuufi namoota sirba keessatti qooda fudhatan miira kan kakaasuudha. Dibbeen meeshaa aadaa dhimma muuziqaatiin kan walqabatu ta'ee sirboota aadaa biratti isa baratamaadha. Ittifayyadamni dibbee yeroo cidhaa mana gurbaafi mana hintalaatti haruuzni gaggeeffamu akkasumas yeroo gara manaa

gurbaatti deeman haawwan wal bohaarsu. Dibbeen sirboota akka helleefi shaggooyyee akkasumas sirboota adda addaatti gargaaramuun ta'a. Haalli meeshaa muuziqaa kun itti hojjetamanis bakkarraa bakkatti kan wal fakkaatuudha. Dibbeen muka, gogaa loonii, gogaa re'ee akkaasumas gogaa kurupheerraa kan hojjatamudha. Muka waddeessa yookiin harbuu muruun keessa isaa hanqooquun erga bocame booda gogaa dhisuun booda muka keessisaa hanqooqame kana keessa itti haguuguun gogicha sirriitti dhisanii hodhuun akka qooruuf aduutti baassu; booda tajaajila akka kennu godhuun hojiirra ola.

Dibbeen ulee ittiin rukutamu muka jabaataa dhimma kanaaf filatamaa ta'e qophaa'een hawaasni itti fayyadama. Akka aanaa Haramayaatti uleen dibbeen ittiin rukutamu leegana jedhamu gara fiixa isaarratti bokkuu kan ta'e filatama. Kunis, sagalee bareedaa ta'e akka baasuuf akka filatan odeefkennaan obbo Jamaal Yusuuf jiraataa araddaa Haroo Adii Amajjii 05/2012 ni ibsa.



Suura 5: Meeshaa Dibbeefi Leegana


Huluullee: Meeshaa muuziqaa aadaa ta'ee afaaniin afuufuun kan sagalee miidhagaa nama bohaarsu itti dhageessisaniidha. Meeshaan aadaa kunis gosa muka leemana ykn gobeensa dheerinni isaa tilmaamaan seenitimeetira 40 hanga 50 ta'u irraa qinqimamee erga qophaa'ee booda sibiila diimessuun bakka afur uramee namoota dandeettii isaa qabaniin kan hafuufamufi qubaan taphachuun itti dhimma bahama. Faayidaa haluullee ilaalchisee obbo Hasaan abdii yeroo dubbatan dargaggoonni yeroo birraa asheeta nyaachaa galgala galgala waliin haasa'aa goojjoo yeroo bulan hanga halkanitti haluullee hafuufuun yeroo isaanii kan ittiin wal bohaarsan akka ta'e ibsu. Meeshaan kun yeroo gadda ibsachuuf, bara beelaafi gadadoo akkasumas yeroo weerarri biyyarratti haggamame hawaasa ittiin dammaqsuuf meeshaa aadaa akka ta'e obbo Nuuree Mahaammad jiraataa araddaa Addallee Sadaasa 5/2012.



Suura 6: Meeshaa Huluullee

4.4.3. Meeshaa Suphee

Okkotee: - Okkoteen gosa meesh aa aadaa mana suphee irraa hojjataman keessaa isa tokkodha. Okkotee tolchuudhaaf gubbaa irraa eegalamee tolfama. Mataa gubbaa tolchuudhaan guyyaa lama erga bulchanii booda gad deebisanii hundee isii tolchuun irraa xumuru. Erga dhawamee xumuramee booda yoo okkotee guddaa ta'e torbee lamatti goggogee tajaajilaaf oola. Yoo xiqqaa taate torbee tokkotti tajaajilaaf gaha jedhu odeeff kennituun Adde Samiiraa Abdallaa hoggantuu WAT Aanaa Haramaayaa. Gurra lama kan qabannoof gargaaru gubbaatti gamaa gamanaan tolfama. Hawaasa keessatti kan okkotee dhahuu beeku nama hunda osoo hin taane nama beekutu jira. Okkoteen guddaa, giddu galeessaafi xiqqaa kan qabu yoo ta'u, okkoteen guddaan Gaawwaa jedhamuun beekkama. Okkotee gaawwaan kun gurra qabatanii ibiddarra kaayuufi irraa fuudhuuf gargaaru afur kan qabuudha. Cuqqaalliin isiis supheerraa tolfamee itti qadaadama. Okkotee yeroo hojjatamee xumurame osoo itti hin fayyadamne dura ibiddaafi kuboota looniitiin gubama. Kunis kan godhamuuf meeshan kun akka jabaatuufi umrii dheera akka qabaatuuf kan gargaaruudha. Faayidaan okkoteen kennu bishaan itti fiduufi ibiddarratti nyaata adda addaa ittiin bilcheeffachuuf kan gargaartuudha jetti odeeff kennituun Adde Baksaa Jamaal araddaa Ifa Oromiyaa Waxabajjii 4/2012 ibsan.



Suura 7: Meeshaa Okkotee Xiqqaafi Gaawwaa

Dhaabdoo: - Dhaabdoo dhahuudhaaf biyyee suphee jiifamee qophaa'e jalqaba mataa isaatu tolfama. Sana booda gad deebisuun hundee teessoo isii itti tolchu. Walakkaa isaatti qallisuun qabannoo harkaatiif kan ta'u fannoo lama gamaa gamanaan cinaacha isaa irratti itti tolchu. Kuniis yeroo itti fayyadaman qabataniittiin fuudhuuf gargaara. Kana booda goggogsuun tajaajilaaf akka oolu godhama. Gubbaa isaa irratti kurfeessanii suunsuma sadii kan waa ibidda irra kaayatanii itti hoo'ifachuuf gargaaru itti tolfama. Tajaajilli dhaabdoon kennituus ibidda irratti naquun aara libaanataa mana keessatti ittiin aarfachuuf kan gargaaruudha jetti Aadde Samiiraa Abdallaa hoggantuun waajjira Aadaafi Tuurizimii Caamsaa 12/2012.



Suura 8: Meeshaa Dhaabdoo

Qibaabaa/Eelee

Qibaaba/eeleen akaakuwwan meeshaalee aadaa tajaajila hawaasummaaf oolan keessaa isa tokkodha. Qibaaba/eelee tolchuufiis akkuma kanneen biroo adeemsa mataa isaa kan qabuudha. Jalqaba cirracha xixiqqaa lafarratti naqachuun wal qixxeessanii bal'ifatu. Kana booda suphee duraan laaffisanii qopheeffatan xixiqqeessanii kutachaa gubbaarra dibanii harkaan haasasan. Akkasuma gochaa boca geengoo itti gochuun guddisanii irraa xumuru. Qibaabni buddeenii gosa nyaataa kanneen birootiis itti bilcheeffachuuf kan gargaaruudha. Gubbaa isaa irra sirritti akka toluuf yeroo jiidhaatti dhagaadhaan rigamee haasasama. Kan yeroo buddeena irratti tolchan gubbaarraan cuqqaalan ankalaba jedhama. Ankalbaanis suphumarraa kan tolfamu ta'ee bocni isaa geengoo gochuun gubbaarraan fannoo qabataniitti irraa fuudhan itti tolchuun itti fayyadaman. Qibaabaafi ankalbaas yeroo hojjatamee xumurame osoo itti hin fayyadamne dura ibiddaafi dhadhaa qobbootiin gubama. Kunis kan godhamuuf meeshan kun akka jabaatufi umrii dheera akka qabaatuuf kan gargaaruudha jetti odeefkennituun Adde Maftuhaa Mahaammad hoggantuu Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Haramaayaa Amajjii 20/2012.



Suura 9: Meeshaa Qibaaba

Distii suphee

Distain suphees akkaatuma meeshaalee birootti adeemsa itti hojjatamu kan qabuudha. Jalqaba biyyee suphee jiifachuun yookiin qopheeffatan kutatanii lafa irratti akkuma qibaabaa sanitti qopheeffachuun boca geengoo itti uumuun tolchan. Xiqqoo akka qibaabaatti lafarra erga ballisan booda ol qabanii akka okkoteetti boollessuun guddisanii irraa xumuru. Qadaaddoo isiis suphumarraa baxxisanii gubbaarra fannoo iddoo qabatanii itti daboolaniifi irraa banan itti tolchu. Distii suphee okkotee irraa wanni adda godhu afaan isaa kan okkoteerra ballaa ta'uu isaati. Tajaajilli isaas akkuma okkotee waan nyaatan itti bilcheeffachuuf kan gargaarudha jetti Adde Magartuu Qaasim Daldaltuu Faayaa Aadaa Aanaa Haramaayaa Sadaasa 5/2012.



Suura 10: Meeshaa Distiifi Kaasaa

4.4.4. Uffata Aadaa

4.4.4.1 Uffata Aadaa Dhiiraa

Uffata aadaa dhiironni Oromoo Harargee aanaa Haramaayaa uffatan keessaa akka Marxoo, Shamiza, Filaa, Kopheefi Waraansileen kaasuun ni danda'ama. Isaaniis yeroofi bakka barbaachisaa ta'e keessatti uffatamuun tajaajila irra kan ooludha.

Marxoo:- Marxoon uffata aadaa dhiironni uffatanidha. Uffanni kunis mudhii gadii irratti kan hidhatamudha. Uffanni aadaa kunis, huccuu maammudii jedhamu irraa kan tolfamu yemmuu ta'u, uffata baayyee faayame ta'ee biillaa waliin kan mudhiirratti qabattoon dalga hidhatamudha. Gosti uffata kanaas yeroo baayyee bakka ayyaanaafi qophii garagaraatti kan tajaajilaaf ooludha obbo Imaam Jibriil.



Suura 11: Uffata Marxoo Aadaa

Shamiza:- Shamiizni uffata aadaa Oromoo Harargee aanaa Haramayaa ta'e huccuu maammudii jedhamu irraa kan hodhamudha. Huccuun kunis, bifti isaa adiidha. Uffanni kun yeroo baayyee marxoo waliin kan dhiironni mudhii oliitti uffataniidha. Shamiizni kirrii magariisaan harka mirgaa irratti karaa laphee asxaa Odaan yeroo baayyee kan faayamuudha. Uffata aadaa dhiironni uffatan kunis, yeroo hedduu ayyaana uummataa irratti, qophii garagaraa irratti akka aruuzaa, kabaja ayyaanaafi kan kana fakkaatan irratti kan uffataaf ooludha obbo Imaam Jibriil.



Suura 12: Uffata Shamizaa Aadaa

Kophee Miilaa: - Kopheen miilaa mukarraa godhatamu keessaa isa tokkodha. Akkuma beekamu miilli ofii dhibee adda addaarraa jechuunis, qorattiirraa, gufuufi gufaata garaagaraa qorraafi kkf irraa of-eeguuf tajaajila guddaa kenna. Kana malees miidhagina dabalataa gonfachiisuuf warri dhiiraa kan tajaajilamaa turanidha jedha Adam Muummee.



Suura 13: Kophee Aadaa

Filaa: - Filaan meeshaa aadaa kan dhiironni rifeensa goofaree keessatti suuqatan yommuu ta'u kanneen rifeensa goofaree filaan keessatti suuqamu hin qabne immoo kirrii bifa diimaan addarratti filaa waliin hidhatanidha. Filaan meeshaa aadaa muka Makkanniisa salphaatti soofudhaan bofa rifeensi keessa salphaatti filamuun miidhagsanii itti gargaaramanidha. Filaan iddoo qabannaa harkaa kan qabuufi kirrii diimaafi magarisaan gufteessanii itti rarraatu faayanii yeroo gara magaalaa deeman, haruuzaafi sagantaa gammachuu jiru keessatti itti gargaaramu jedha Nuuree Mahaammad.



Suura 14: Meeshaa Filaa

Boraatii: - Boraatiin gosa meeshaalee aadaa mukarraa hojjataman keessaa isa tokkodha. Akka odeeffannoo kennitoonni ibsanitti boraatiin gosa muka bakkanniisa, birreensa, waddeessaafi kkf irraa soquun/soofuun kan tolfamudha. Sababni gosti mukaa kun filatameefis mukkeen kun jajjaboofi yeroo soqamani goggoganiis kan hin dhoone waan ta'eef. Erga muranii booda jirma isaa irraa soquun/soofuun tolchuu eegalu. Kana kan tolchan warra dhiiraa yoo ta'u namni tolchu immoo nama hundaa miti. Nama sirritti soqee/soofee bareechee qoriiwwan adda addaa tolchuu beekuutu jira jedhu odeefkennaan obbo Jamaal Yusuuf jiraataa araddaa Haroo Adii ibseera. Akka aanaa Haramayaatti abbootiin yeroo imala deeman akkasumas dubartootni yeroo dhadhaa dibattu faayaa rifeensaafi buqqee sammuu kan eeguuf faayyadu kan dibatamu yoo ta'u boraatiin kunis yeroo dubartiin takka rafte iddoo ciisicha akka hin balleesineen cinaatti, akka dhiigni sirnan akka dhangala'u kan taasisaan fayyada jedhamee fudhatama. Akka Hashii Abdallaa ibsitutti aadaan hawaasa aanaa Haramayaatti hintalti wayita heerumtu meeshaa aadaa gara mana dhiiraatti fudhattee deemtu keessaa boraatiin isa tokkoodha.



Suura 15: Meeshaa Boraatii

4.4.4.2 Uffata Aadaa Dubartootaa

Uffatni aadaa akkuma uffata aadaa hawaasa gosa adda addaatu argama. Kana jechuun, kan dubraa, kan kaadhimaa, kan jaartiifi kan deessuu jedhamee addaan baasnee ilaaluu ni dandanya. Kana malees, akaakuun itti hojjetamus adda adda.

Wandaboo: - Uffanni faayaa aadaa wajjin deeman walqabateefi meeshaalee aadaa jalatti kan hammatamuudha. Uffannaan wandaboo kun jirbiirra dhahamee kan uffatamu, miidhaginaaf akkasumas, yeroo gaa'ilaafi sagantaalee qaban irratti kan itti fayyadaman ta'ee, halluu diimaafi adiin kan faayameedha. Akka abbaan Gadaa Yaasiin Mahaammad jedhanitti dubartoonni umrii buleeyyii ta'antu wandaboo uffata. Kan inni ibsuus manguddummaa dubartootati. Dabalataanis, uffatni aadaa qaama keenya miidhagisuuf, eenyummaa keenya namoota biroof beeksiisuufi namoota korniyaan addaa ta'an ofitti harkiisuuf kan tajaajiluudha jedha. Akka abbaan Gadaa ibsanitti uffanni aadaa dubartootaa kun yeroo ammaa dhaloota haaraan dagatamuurra darbee akka boodatti hafaatti ilaalamaa jira jedha. Akka Seera Gadaa Oromootti faajjiin gadaa halluu bifa sadii kan qabuufi hiikni halluuwwan kunneen qabanis akka kanaa gadiitti abbaan Gadaa ibseera. Kanuma walqabatee ragaa odeefkennitotni akkaataa uffatni aadaa gosa halluu itti faayamee uffatan: innis tartiibaan, gurraachi gara olii, diimaa gidduu, adii gara jalaan faayame uffatan hiikan isaa, gurraachi olaanu bifa waaqaa kan hundaa olii ta'uusaa agarsiisa, diimaan bilchinaafi gootummaa kan agarsiisu yoo ta'u, adiin ga'umsa agarsiisa.



Suura 16: Uffata Wandaboo

Uffata Qoloo: - Qoloon uffata aadaa dubartoonni aanaa Haramaayaa uffatan keessaa isa tokkodha. Akka Saamiraa Abdallaa ibsitutti uffanni aadaa kunis jirbii irraa kan hojjetamu ta'ee, dubartoonni umurii raagan

kan uffatamudha. Yeroo hedduus furgaaton mudhii irratti kan hidhatamuudha. Samiiraan itti dabaluun yeroo ibsitu gosti uffataa kun yeroo ammaa dubartoota muraasa ta'anitu darbee darbee uffata malee bakkaafi yeroo hedduutti hin argamu. Kunis, sababiin isaa uffanni aadaa kun yeroo ammaa kana uffata ammayyaa shiitiifi diriyaan bakka bu'aa waan dhufeef, akkasumas jirbiin gabaarratti qaalawaa dhufuu irraa kan ka'e dubartoonni bitachuu itti ulfaataa akka dhufetu ibsama Saamiraa Abdallaa. Ammas taanaan dubartoota umuriin raagaan biratti akka uffatamaa jiru odeefkenituun ni dubbatti.



Suura 17 Uffata Qoloo Aadaa

Uffata Saddeetaa: - Meeshaan mudhiirratti godhaatamu keessaa Saddeetaan isa tokkoodha. Akka Hasaan Abdii jedhutti saddeenni uffata aadaa dubartoota Harargee biratti kan jaallatamuufi kan uffatamuudha. Uffanni kunis carqii adii ta'e irraa hodhamuun kan uffatamudha. Saddeenni yeroo baayyee kan uffatamus bakka gaa'ilaatti, bakka bashannanaatti, bakka qophii adda addaatti uffatamu tajaajila guddaa kan kennudha. Keessattuu hawaasa Oromoo Harargee aanaa Haramayaa biratti uffata aadaa kabajamaafi akka mallattoo Oromummaa isaanii hangafaatillee ilaalama. Akka odeef- kinnitoonni jedhanitt aadaa hawaasa naannoo kanaatti durbi kan hidhattu garaa qabaachuun ishee mul'isa. Kana malees, dubara mudhii soonsaa taasisa jedhame amanama jedha Hasaan Abdii.



Suura 18: Uffata Saddeetaa

Uffata Manquxii: - Akka odeeffannoo kennitoonni ibsanitti manquuxni uffata aadaa dubartoonni uffatan keessatti kan ramadamudha. Kunis, kan dubartoonni mudhii isaaniirratti hidhachuun itti tajaajilamanidha. Odeeffannoo kennitoonni akka ibsanitti manquuxni yeroo hedduu saddeeta waliin kan hidhatamu yemmuu ta’u, uffanni kunis kirrii yookiin jirbii jabaataa ta’e irraa kan dhahamudha. Uffanni aadaa kun tajaajila adda addaafillee akka oolu odeefkennitoonni kun ni dubbatu. Kunis, kan dubartoonni saddeeta waliin mudhii isaanii irratti hidhachuun bareedina dabalataa itti gonfatanidha. Gama biraatiin uffanni aadaa kun yeroo uffatamu gar-malee dheerachuu isaarraa kan ka’e lafa tuquu waan danda’uuf akka hin xuroofneef kan ittiin ol sassaabbatamee hidhannaaf ooluudha. Akkasumas, akka adde Saamiraa Abdallaa jettutti yoomessa adda addaa keessatti yeroo dadhaban mudhii ofii ittiin hidhatanii ittiin of-humneessuuf, yeroo rakkoo ittiin of-jajjabeessuuf akkasumas, ittiin obsuuf jecha dubartoonni mudhii isaanii itti hidhataniidha.



Suura 19: Uffata Aadaa Manquxii

4.4.5 Meeshaalee Aadaa Nyaataafi Meeshaa Manaa

Qorii

Qoriin gosa meeshaa aadaa mukarraa hojjatame kan nyaanni ittiin dhiyaatu keessaa isa tokkoodha. Akka odeeffannoo kennitoonni ibsanitti qoriin kan tolfamu gosa muka garbii, waleensuu, harbuufi waddeessa fa’a irraa oggeessaan soquun/soofuun kan tolfamuudha. Sababni gosti mukaa kun filatameefiis jabaafi salphaatti kan hin dhoone waan ta’eefiidha. Kan tolchan warra dhiiraa yoo ta’u namni tolchu immoo nama hundaa miti jedhu odeefkennitoonni. Nama sirritti soqee/soofee bareechee qoriiwwan adda addaa tolchuu beeku isaantu namootaaf tolcha jedhu odeefkennan. Qoriin akkaatuma tajaajila ykn hamma isatiin gosa garaa garaa kan qabuudha. Isaaniis qorii guddoo, qorii killaa/xiqqaafi giddu galeessa jedhamuun beekamu.

Yeroo tolfamuus muka muranii qopheeffatan akkaatuma gosa qorii tolchanii yookaan miidhagsanii tajaajilaaf oolchu.

Akka Amadnasir Mahaammad jedhutti, qoriin meeshaalee aadaa hawaasa biratti beekamaafi kabajamu keessaa tokko ta'ee muka garbii, waleensuu irraa ogeessaan qoramuun kan tolfamuudha. Qoriin qadaada migiran hodhame kan qabuufi teepha qaqqallaadhaan haadhoon qoriifi qadaaddiin kan wal irraa hinbaane kan ittiin hidhamu qabudha. Akka yaada kanaatti qoriin meeshaa kabajaafi isa nyaanni keessummaaf itti dhiyaatuudha (Jamaal Umaree).

Akka odeeffannoo kennitoonni ibsanitti qoriin meeshaa aadaa kan nyaanni akka, marqaa, cuukkoo, qamashaa, takii, marmareefi bassoo jireenya guyyaa guyyaa keessatti, ayyaaneeffannaa adda addaa irratti, cidhaafi iddoo taaziyaa irratti ittiin dhiyaatuf tajaajila. Akka obbo Faamii Abbas ibsutti qoriin yeroo tokkotti namoota lamaa hanga jahaa ta'aniif nyaanni itti dhiyeessuuf akka tajaajilu namoonni qorataan dubbise ni ibsu. Meeshaan kun aanicha keessatti bal'inaan itti tajaajilamaa jiru. Akkasumas, qoriin haala ammayyaatiin callee haalluu adda addaa faayamanii nyaata adda addaatiin sirnootaafi ayyanota irratti kan mul'atuufi akka kennaatti namoota kabajaniif ni kennama.



Suura 20: Meeshaa Qorii

Gabatee/Harkoo

Gabateen meeshaalee aadaa muka Harbuu irraa kan tolfamuudha. Meeshaan gabatee hangisaa kan qabannaa mudhiirraa qabu, giddu galeessaafi xiqqaatu jira. Gabateen marqaan erga qophaa'ee booda harkaan qabachuuf akka toluutti kan qophaa'udha. Akka ragaan iddattoota irraa argameen meeshaan kun yeroo hundumaa kan dhimma itti bahan yoo ta'u, qophiiwwan kanneen akka: haruuzaa, taaziyaa, zakkaa, moowulidaafi sadaqaa namoota muraasa irraa hanga kudha shaniifi hanga digdamaa bakka tokkotti nyaata

marqaafi kan biroo ittiin dhiyeessuuf fayyada. Yeroo ammaa meeshaa kanatti namoonni tajaajilamanis murasadha. Sababni isaas, haalli qaroomina ammayyaa fide kun garmalee dhiibbaa irraan geessiseera. Ammaan tana meeshaa laastikaa malee suuraan amaan gadii kun meeshaa yeroo ammaa kan hin tajaajilleedha.



Suura 21: Meeshaa Gabatee Nyaataa

Qalamshiishaa

Qalamshiishni gosa safiilee migira irraa tolfaman keessaa tokko yoo ta’u, migirri kunis gosa citaa keessaa isa tokkodha. Akka namoonni odeeffannoo kennan jedhanitti migirri qalamshiisha ta’ee safiileen biroo ittiin hodhamu gosa citaa kaanirraa adda ta’uufi lafti migiraa lafa kaloo horii irraa adda bahee akka horiin hin dheenne kan dhorkamuudha Sababni isaas, migirri mataan isaa horiin nyaatame hodhaaf waan hin taaneef. Migirri citaa biraa irraa adda bahee kan beekamu ta’ee yeroo Birraa guuramee mana keessa siree meeshaa irratti guurratan irra kaahuufi haada mana keessa hidhuun kan fannisanidha. Kun kan ol kaahaniif yeroo bonaatiis jiisuudhaan ittiin hodhuuf ni fayyadamu. Gama biraatiin immoo osoo hin goggogsin akkuma guuraniin itti fayyadamuuniis safiilee ni hodhu. Yeroo kana jiifachuu hin barbaachisu akkuma guuraniin itti fayyadamudha (Faaxumaa Ahimad).



Suura 22: Meeshaa Qalamshiishaa

Gingilii: - Gingiliin gosa safiilee migira irraa tolfaman keessaa isa tokkoodha. Akka odeeffannoo kennitoonni ibsanitti gingiliin yeroo hodhamu akka qalamshiishaa osoo hin taane akka qoriitti boollessuun tolfameeti daboollaaniis kophatti itti tolfamee itti qadaadama. Jalqaba yeroo hodhan akkuma qalamshiishaa sanitti eegalanii boca isaa baxxisaniituma xiqqo erga guddisanii booda boca qorii san itti baasanii boollessuuf ol qabanii akka duraatti labbaa hodhuu osoo hin taane ol guddisuun xumuranii irraa kutu. Tajaajilli isiin ooltuufiis nyaata keessa kaayachuun itti daboolanii qabatanii fira yookiin nama aantee ofii ta'eef geessuuf kan gargaarudha (Maftuhaa Mahaammad)



Suura 23: Meeshaa Gingilii

Afuuftuu/Safii:- Afuufuun gosa migira irraa tolfaman keessaa isa tokkoodha. Akka odeeffannoo kennitoonni ibsanitti safiilee biraa irraa wanti adda godhu akkaataa itti hodhamuufi tajaajila ooltuufiidha. Safiin yeroo hodhamu akkuma qalamshiishaa sanitti wantoota hodhaaf barbaachisan mara qopheeffatanii kan hodhaniidha. Bocni isaa baxxifamee kan hodhamu yoo ta'uu bal'inni isaas xiqqo qalamshiisharra guddaa kan ta'eedha. Kunis, kan hodhamuuf yeroo ittiin midhaan afuufan lafatti gad akka hin naqneefi erga irraa kutanii xumuran booda akkuma qalamshiishaa fiixa isaa irra gogaadhaan goolabanii tolchan. Kunis akka salphatti hin miidhamneef kan gargaaruudha. Akka qalamshiishaa sanitti teessoo jalatti osoo hin tolfaminiif baxxifameetuma kan tolfamuudha. Kuniis kan godhameef tajaajilli safiin kennitu dubartoonni midhaan adda addaa erga calleeffamee booda yeroo nyaataaf qopheeffatan irratti naqachuun ittiin afuufanii biyyees ta'e buquqa adda addaa midhaan keessaa baasuuf kan gargaaruudha. Maqaan isiilleen tajaajila isii kana irraa kan moggaafameedha (Maftuu Ahimad).



Suura 24: Meeshaa Afuuftuu

Qunnaa: - Qunnaan gosa safiilee migirarraa tolfaman keessaa isa tokkoodha. Akka odeeffannoo kennitoonni ibsanitti wanti safiilee biraa irraa adda isa godhu akkaataa boca itti hodhamuufi tajaajila inni kennuudha. Qunnaan yeroo hodhamu jalqaba akkuma qalamshiishaatti eegalamee erga xiqqo hodhanii booda fiixa isaa ol qabuudhaan hodhama. Yeroo ol qaban kana garuu akka gingilii sanitti kallattiin ol qabanii oofuu osoo hin ta'in hamma tokko akkuma ol qabanii hodhaa deemaniin xiqqoo dalga qabaa guddisanii irraa kutuun xumuran. Guddinni isaa safiifi qalamshiisharra guddaa kan ta'eedha. Tajaajilli qunnaan kennuus midhaan calleeffame ittiin safaruufi yeroo midhaan akka bishingaa muramee uudatti walitti qabamu ittiin guuruuf kan gargaarudha (Adam Muummee).



Suura 25: Meeshaa Qunnaa

Qarawaa:- Qarawaaniis gosa safiilee keessaa tokko ta'ee waanti safiilee biraa irraa adda isa godhu akkaataa boca itti hodhamuufi tajaajila inni kennuudha. Akka odeeffannoo kennitoonni ibsanitti Qarawaan yeroo hodhamu jalqaba akkuma qalamshiishaatti eegalamee erga xiqqo hodhanii booda fiixa isaa ol qabuudhaan hodhama. Yeroo ol qaban kana garuu xiqqo qunnaa irra guddisuudhaan erga hodhamee booda ol qabuudhaan hodhama. Bocni isaa akkuma qunnaan itti hodhamu tahee garaa garummaan isaanii

qarawaan qunnaarra guddaa ta'uu isaati. Tajaajilli qarawaatiis akkuma qunnaatti midhaan calleeffame ittiin safaruuf kan gargaaruudha (Jamaal Yusuuf)



Suura 26: Meeshaa Qarawaa

Daarotaa

Daaronni gosa safiilee kan migira irraa tolfaman keessaa tokkoodha. Akka odeeffannoo kennitoonni ibsanitti waanti safiilee biraa irraa adda isa godhu akkaataa boca itti hodhamuufi tajaajila inni kennudha. Daarotni meeshaa aadaa migiraafi gogaarraa miidhagee kan hojjetamu ta'ee callee yookiin elellaan faayamee tajaajila kenna. Daarotni yeroo midhaan orotaa galu ittiin safaruuf, gabaa qabatani akka kuduraafi midhaan xiqqaa ta'e ittiin gabaa geessuuf gahee hedduu qaba. Daaronni yeroo hodhamu jalqaba akkuma qunnaafi qarawaatti hodhuu eegalameeti erga xiqqoo hodhanii booda jala isaa kan qarawaafi quunnaa caalchisuun fiixa isaa ol qabuudhaan hodhama. Daarotni quunnaafi qarawaa guddinaan kan caaluudha. Tajaajilli daaronni kennuus akkuma quunnaafi qarawaatti midhaan calleeffame ittiin safaruuf kan gargaarudha (Abdunaasir Mahaammad).



Suura 27: Meeshaa Daarotaa

Gingilchaa: -Gingilchaan meeshaa hojii ogummaa hodhaa safiilee kanaan migira irraa tolfaman keessaa tokkoodha. Akka odeeffannoo kennitoonni ibsanitti wanti safiilee biraa irraa adda isa godhu akkaataa boca

itti hodhamuufi tajaajila inni kennuudha. Gingilchaan yeroo hodhamu jalqaba akka safiilee birootti suta itti godhuun kan hodhamu osoo hin ta'in migira dhoosuun erga akka haadaatti fooyanii booda wal keessa babaasuun qaawa keessatti dhiisuun tolchama. Erga xiqqo haala kanaan guddisanii booda fiixa isaa ol qabuun suta itti godhanii akka safiilee birootti marsanii hodhan. Kana booda marsaalee muraasa erga ol hodhan booda irraa kutuun xumuru. Tajaajilli gingilchaan kennu midhaan erga daakamee booda ittiin gingilfachuuf kan tajaajiludha (Magartuu Qaasim)



Suura 28: Meeshaa Gingilchaa

Qimbicha Huccuu

Qimbichaan huccuus gosa meeshaa hojii ogummaa hodhaa safiilee kanaan migirarraa tolfaman keessaa isa tokkoodha. Akka odeeffannoo kennitoonni ibsanitti waanti safiilee biraa irraa adda isa godhu akkaataa boca itti hodhamuufi tajaajila inni kennuudha. Qimbichaan huccuu yeroo hodhamu jalqaba akkuma safiilee birootti suta itti godhuun kan hodhuun jalqabuudha. Akkaataan itti qimbichaan huccuufi ciicon aannanii hojjatamu wal fakkatullee garagarummaan isaanii qimbichaan huccuu bocaan ciicoo aannanii fakkaatee irra guddaa kan ta'eedha. Jala isaa hanga gingili takka erga baxxisanii hodhan booda ol qabuun hanga dhuundhuma tokkoo guddisuun irraa kutama. Kana booda willee/qadaaddoo isaas haaluma kanaan hanga bal'ina afaaniitti ilaaluun itti xiqqeessanii itti tolchuun itti qadaadan. Tajaajilli qimbichaan huccuu kennu huccuu keessa kaayachuuf kan tajaajiluudha (Adam Muummee).



Suura 29: Meeshaa Qimbichaa Huccuu

Ciicoo Aannanii

Ciicoon aannani meeshaa ogummaa hodhaa safiilee kanaan migira irraa tolfaman keessaa tokkoodha. Akka odeeffannoo kennitoonni ibsanitti wanti safiilee biraa irraa adda isa godhu akkaataa boca itti hodhamuufi tajaajila inni kennudha. Ciicoon aannanii yeroo hodhamu jalqaba akkuma safiilee birootti sutaa itti godhuun kan hodhamudha. Osoo hedduu hin guddisin yeroo hanga taakkuu takkaafi walakkaa gahe labbaa hodhuu dhiisuun fiinxaa isaa ol qabamee hodhamuu eegala. Boca isaa akka gingilitti ol kan hodhan yoo ta'u garaa garummaan gingili irraa qabu immoo ciicoon aannanii gigiliirra walitti dhiphisuun kan hodhamuufi irra kan ol dheeratudha. Erga haala kanaan guddisanii booda hanga taakkuu lamaa takka ol guddisanii afaan isaa xiqqo walitti qabuun irraa kutanii xumuru. Kana booda willee/qadaaddoo isaas haaluma kanaan xiqqeessanii itti tolchuun qadaaduudha. Tajaajilli ciicoon kennu aannan itti naqachuuf kan tajaajiludha (Adde Faaxumaa Ahimad)



Suura 30: Meeshaa Ciicoo Aannanii

Buuchuma:- Akka odeeffannoo kennitoonni ibsanitti buchumni gosa meeshaalee aannanii keessaa tokko ta'ee buqqee gama mormaatiin qal'aa yoo ta'u, gama jalaatiin bal'aadha. Kunis afaan albeen muranii/uranii qopheessu. Achii booda muka ejersaan qoraasanii qopheessu. Kallo/kalleefi elellee irratti tarreessuudhaan irratti hodhama. Qadaaddoo isaas buqqeerraafi migira irraa tolchuun kan itti qadaadamudha. Faayidaan isaa aannan itti naqatanii iddoo biraa deemuuf kan gargaaruudha. Kunis, yeroo fira ilaaluuf deeman, yeroo marqaa cidhaaf qopheessaniifi guuzaaf ooyrutti geessaniifi kan kana fakkaatu aannan buchumatti naqachuun qoriitti qabatani deemu (Magartuu Qaasim).



Suura 31: Meeshaa Buuchuma Aadaa

Kaasa/Geeba Hoojjaa: - Geebni akkuma meeshaalee olitti ibsame buqqee irraa kan tolfamuudha. Akka odeeffannitoonni ibsanitti geebni jalaafi gubbaadhaan furdoo ta'ee walakkaan qabannaa harkaatiif kan mijjaa'u mudhiin qal'aadha. Faayidaan geebaa buna/hojjaa itti dhuguuf kan gargaarudha. Yeroo ammaa akka namoonni odeeffannoo kennan jedhanitti sababa babal'achuu meeshaalee ammayyaa irraa kan ka'e hawaasni baadiyaa keessaa iddoo tokko tokkotti malee geeba/kaasa kanatti fayyadamuun yeroo ammaa xiqqaatee jira (Jamaal Abdii).



Suura 32: Meeshaa Kaasa/Geeba Hoojjaa

Quluu Bishaanii. Akka odeeffannoo kennitoonni ibsanitti quluun buqqee irraa kan tolfamu ta'ee jalli bal'aa yoo ta'u bakka qabannaa harkaatiif ta'u morama qal'aa qaba. Gubbaan immoo xiqqo kan guddatu mataa kan qabuudha. Willeen isaas buqquma irraa tolfamee kan itti qadaadamuudha. Faayidaan quluu bishaanii erga tolfamee booda ejersaan qoraafamee urgeeffamee bishaan itti naqanii ittiin dhuguuf kan tajaajiluudha (Mo'aaz Mahaammad).



Suura 33: Meeshaa Quluu Bishaanii

Dheengee Daa'immanii: Akka odeeffannoo kennitoonni ibsanitti dheengeen buqqee irraa kan tolfamu ta'ee, kaassa hojjaa kan fakkaatuudha. Hammi isaa kaasa irraa xiqqaa kan ta'eedha. Dheengeen daa'immanii kun daa'ima aannan ittiin obsuuf kan gargaaruudha (Baksaa Jamaal).



Suura 34: Meeshaa Dheengee Daa'immanii

Wiissaa: Akka odeeffannoo kennitoonni ibsanitti wiissaan buqqee irraa kan tolfamu ta'ee gama jalaatiin guddaa, morma dheeraa kan qabu, mormaa oliin xiqqoo kan guddatu ta'ee achiin oliin ammas ni qal'ata. Faayidaan isaas hordftoonni amantii Islaamaa salaataaf bishaan itti naqatanii ittiin dhiqachuuf kan gargaaruudha (Hasaan Abdii).



Suura 35: Meeshaa Wissaa

4.4.6 Meeshaalee Faayaa Aadaa Dubartootaa

4.4.6.1 Meeshaa Faayaa Harkaa

Meeshaaleen aadaa dubartootni bareedina dabalataa gonfachuuf jecha bifa aadaatiin hojjetanii kan ittiin of-miidhagsaniidha. Akka odeeffannoo kennitoonni ibsanitti dubartootni qaama isaanii miidhagsuufi meeshaa aadaa hunda ittiin calaqqisiisan yookaan kan itti gargaaraman ogummaa aadaatiinidha. Hawaasa aanaa Haramaayaa biratti faayaaleen uffata aadaa waliin faayaaleen kaawwataman yookaan godhatamaniifi harkatti qabataman baay'eetu jiru. Faayaaleen kunneenis waantoota adda addarraa tolfamu. Faayaaleen kunneenis qaama dubartootarratti godhatamu. Kana malees, faayaaleen kun waantoota adda addaa kanneen akka sibiila, naasa, huccuu, calleefi kkf irraa tolfamu. Akkasumas meeshaaleen kunneen faayidaa gara garaaf kan oolaan yommuu ta'an, koorniyaafi umurii tilmaama keessa galchuun kan tajaajla kennaniidha. Faayaaleen aadaa kunis akka, siinqee, callee, gumees, kkf dha. Hawaasni aanaa Haramaayaa faayaalee bareedinaa adda addaa ittiin dhimma ba'an kana mara koorniyaafi umurii addaan ba'uun yoomessa barbaachisaa keessatti uffata aadaa waliin kan ittiin of miidhagsudha. Meeshaaleen uffata aadaa waliin kaawwataman kunneen kan miidhaginaaf qofaaf kaawwataman yookiin hidhataman osoo hin taane, hawaasicha keessattillee tajaajila biraaf kan oolan ta'uu isaanii odeeffkennitoonni tokko tokko ni dubbatu. Meeshaaleen kunis, akkaataa kennaa tajaajila isaanii arman gadiitti ibsa fakkoommii isaan qaban waliin sakatta'amanii jiru. Meeshaaleen aadaa dubartoonni yeroo sagantaa adda addaa qabaatan kan miidhaginaafi eenyummaa isaanii ibsachuuf dhimma itti bahan kanneen akka Gumees, Girjaa, Caaccuu, Siinqeefi Callee yoo ta'an isaanis akka armaan gadiitti ibsamanii jiru.

Gumees: Meeshaa dubartoonni harka irratti kaayatan keessaa tokko gumeedha. Akka ragaa kennitoonni himanitti gumeen bakka tokko tokkotti kilkillee jedhamuunillee ni beekama. Gumeen sibiila irraa kan tolfamu ta'ee bakka itti kaayatamu ciqileen gaditti yommuu ta'u intalti tokko gumees bal'aa lama yookiin qal'oo sadii harka ishee lamaan irratti kaayachuun ni dandeessi. Faayaan kunis, addaatee yookiin diimachuun harka dubaraa irraa yommuu mul'atu miidhagina dabalataa ishii gonfachiisa. Akka odeeffkennitoonni ibsanitti durbi yeroo gumees harkatti godhattee deemtu mallattoo dardarummaa isaanii ibsachuu akka ta'e dubatu. Kanumarraa ka'uun, intalli abbaa ebeluu yookiin haadha ebeluu kun dardarte yookiin geessee jirti jechuun hawaasa keessa jiraattu biraatillee ni beekamti (Saamiiraa Abdallaa).



Suura 36: Meeshaa Faayaa Gumee

Girjaa: - Akka odeeffannoo kennitoonni ibsanitti girjaan dubartootaa keessaa tokko ta'ee kun ciqileen olitti dubartootaan kaayatama. Girjaan akkuma gumee sibiila, meetii akkasumas naasarraa kan tolfamudha. Gosti miidhagina kun yommuu ciqilee irratti godhatamu uffanni akka isaan hin haguugne yookiin hin dhoksine uffata ciqilee isaanii irraa saaquun uffata aadaa wajjin kan uffataniidha. Akka odeeffannoo kennitoonni ibsanitti dubartiin tokko yeroo girjaa ciqilee ishee olitti keeyyattee kan deemu yoo taate, kan heerumte ta'uu ishee agarsiisa (Saamiiraa Abdallaa)



Suura 37: Meeshaa Faayaa Girjaa

Caaccuu:- Caaccuu teepha qalloofi elellaa sagaliin hodhamee bareedee kan dubartiin qabattudha. Akka odeeffannoo kennitoonni ibsanitti caaccuun waaqaan kadhachuuf meeshaa kabajaa ayyaanaa ta'ee kan tajaajiludha. Caaccuun mallattoo araaraa yookaan nagaati. Haati caaccuu godhattee waraana gidduullee yoo seente waraanni nidhaabata. Haati caaccuu dubartii ilmi gadoometu qabata. Seerota hawaasaa keessatti tajaajila guddaa qaba. Kanneen keessaa akka sirna fuudhaafi heerumaa keessatti ulfina addaa qaba. Haalluu diimaafi adiirraa kan hojjatamu akka aadaa hawaasatti dhalaafi horii naaf kenni jedhanii Waaqa ittiin kadhatani. Kun immoo, tuuta firii callee walitti makan sanatti fakkeessiinu horsiisi jedhanii kadhatu. Calleen kan hidhatamuu eegalame akkaataa itti mukti harbuu ija godhatu ilaaludhaan. Innis,

Waaqayyo akkuma muka harbuu caaccessite dubartii dhalaafi horiin caaccessi jedhanii kadhatu. Calleen faayaa guyyaa ayyaanaati malee umuriidhaan daangeffamee kan hidhatamu miti (Faakiyaa Ahimad).



Suura 38: Faayaa Caaccuufi Dooqaa

4.4.6.2 Meeshaa Faayaa Mormaa

Meeshaalee aadaa dubartoonni morma isaan irratti of miidhagisuuf ittifayyadaman hiika mataa isaa danda'e qaba. Gosoota meeshaalee aadaa kunneeniis umrii dubartoota bu'uura godhachuun tajaajila miidhaginaf oolu.

Callee: - Calleen morma irratti maxxanfachuun bareedinaafi miidhaginaaf tajaajila itti bahanidha. Akka odeeffannoo kennitoonni ibsanitti yeroo tokko tokko hudhoo jedhamuun beekamti. Calleen gosa hedduufi halluu hedduu qabdu waliin walmakuun dalagu. Halluu diimaa, keelloo. adiifi cuquliisa irraa yeroo baayyee dalagu miidhagina akka kennu ibsama(Maftuhaa Mahaammad).



Suura 39: Faayaa Callee

4.4.6.3 Meeshaa Faayaa Mataa

Qarmaa: Qarmaan miidhagina keessaa isa tokko ta'ee sibiila ziqaya fakkaatu irraa bifa boca rogsadeen tolfame adda irratti dubartootni Oromoo uffata aadaa waliin of miidhagsandha. Akka odeeffannoo kennitoonni ibsanitti qarmaan kan dubartoonni adda irratti godhatan yommuu ta'u, akkuma foroora shamarraniifi hawwaniin kan godhatamudha. Yeroo hedduu qarmaan meetii yookiin ziqaa irraa kan tolfamudha. Qarmaan ziqaa irraa tolfamus baayyee qaalii ta'uu isaarraa kan ka'e yeroo ammaa dubartoonni hedduun callee irraa kan tolfametti fayyadamu (Maftuhaa Mahaammad).



Suura 40: Faayaa Qarmaa

Kuula Qallaa Gurraacha: Akka odeeffannoo kennitoonni jedhanitti kuulli gurraachaa keessaa isa tokko ta'ee kuula qal'aa haalluu gurraacha irraa tolfamee kan haawwan ykn dubartootni umrii buleessa ta'an guftaa waliin adda irratti hidhachuun kan itti of-miidhagsanidha. Uffata irraa kan olfamu kunis, uffata gurraacha ta'ee halluu garaagaraa xixxiqqaa darbe darbee keessatti mul'atuun kan miidhagedha.



Suura 41: Faayaa Aadaa Naazii/Kuula Gurraachaa

Guftaa: - Akka odeeffannoo kennitoonni ibsanitti guftaan meeshaa aadaa dubartoota Oromoo Harargee biratti kan beekamu yommuu ta'u, shaashii gurraacha haalluu gara garaa of keessatti kan qabudha. Uffanni kunis, kan dubartoonni Harargee rifeensa mataa isaanii gara duubatti filachuun ittiin hidhatanidha. Rifeensi mataa isaani bitaafi mirgatti addaan qooduun kan amashamudha. Kunis, rifeensi karaa mirgaa hamashame abbaa manaan kan bakka bu'u yommuu ta'u, kan karaa bitaan hamashame ammo dubartii sanaan kan fakkoomu ta'uu isaatu ibsama (Samiiraa Abdallaa)



Suura 42: Faayaa Guftaa

Akka odeeffannoo kennitoonni ibsanitti, dubartiin takka guftaa hidhannaan kan heerumtee kan abbaa manaa qabdu ta'uu ishee akka agarsiisu dubatti. Kunis dhiirri tokko akka ishee hin qoccolleefi kan heerumte ofii abbaa manaa qabdu ta'uu ishee agarsiisa. Dubartiin heerumte tokko guyyaa guftaan isheef hidhamullee faaruun jedhamu akka gadii kanaatti ibsamu (Saamiiraa Abdallaa)

Disaan disaa naannoo

Meetii meetiin maa hin shaakaalle

Gaara kana jabaa

Meetii meetiin maa hin shaakaalle

Mucaatu lakkuu dhale

Meetii meetiin maa hin shaakaalle

Bareedduu durba akkanaa

Meetii meetiin maa hin shaakaalle

Oromoo mamaatu dhalee?

Meetii meetiin maa hin shaakaalle
 Sakayyoon silaa masgiida
 Meetii meetiin maa hin shaakaalle
 Itti baheen ishee daawwadhaa
 Meetii meetiin maa hin shaakaalle
 Timaatima goodaa Harawee
 Meetii meetiin maa hin shaakaalle
 Kan keessi isaa bishaani
 Meetii meetiin maa hin shaakaalle
 Bareedduu durba Oromoo
 Meetii meetiin maa hin shaakaalle
 Kan kaarruun bishaanii.

Faaruun armaan olii kun, dubartiin yeroo heerumtu guyyaa guftaan isheef hidhan kan farfamudha. Yommuu sadarkaa kana geessu ishee onnachiisuuf jecha dubartootni rifeensa mataa ishee gara bitaafi mirgatti addaan qooduun amashamuun faarsuun gargaaramanidha. Umurii turte keessaa gara sadarkaa itti aanutti yookiin gara maatii horachuu gahuu ishee ibsuuf yookiin umurii ijoollummaa timaatima waliin wal bira qabanii akka waa shaakaluu yookiin waa baruu qabdu agarsiisuuf faaruun hubachiisu. Meetii meetiin maa hin shaakaalle yommuu jedhan akka amartiitti/meetiitti waan ishee ilaalaniif ishee jajuuf jecha guftaa hidhachuu baruu qabdi jechuun dhimma itti bahanidha. Guftaan dubartoota Oromoo Harargee biratti kan beekamu yommuu ta’u, shaashii gurraacha haalluu gara garaa of keessatti kan qabu miidhagsanii qopheessu.

4.4.6.4 Meeshaa Faayaa Lukaa

Aalboo- Akka odeeffannoo kennitoonni ibsanitti aalboon birrii irraa hojjetama. Bakki inni godhatamu immoo miila irratti. Kana kan godhatan dubartoota heeruman qofaadha. Kan bitus abbaa warraati. Erga heerumanii booda yeroo hunda godhachuu ni danda’u. Luka lamaanirratti sibilli xixiqqaa kukutamee

miilarratti nidirama. Kan hin heerumne ammoo akka aalbootti kan hojjetamu callee cuqulisa godhatu (Saamiiraa Abdallaa).



Suura 43 Faayaa Aalboo

4.4.6.5 Meeshaa Faayaa Gurraa

Kulkultaa: Akka odeeffannoo kennitoonni ibsanitti kulkultaan ittiin of miidhaagsan ta'ee kan sibiila irraa tolfamuufi fiixaarra shaashaatuu kan qabu yommuu ta'u, kan shamarran Harargee aanaa Haramaayaa itti of miidhagsanidha. Kunis umrii daa'imummaatti gurra urachuun kan gurratti keeyyatamudha (Faayoo Saa'id).



Suura 44; Faayaa Kulkultaa

Lootii: -Meeshaaleen dubartoota keessaa lootiin gurraa isa tokkodha. Akka odeeffannoo kennitoonni ibsanitti kan inni irraa hojjetamu Halkoorraa/ birrii irraati. Lootii dubartootni ijoollummaan gurraa akka urataniini haadhafi abbaatu bitaaf. Ijoollumma kaasee hanga dubrumaan isaan jiruutti godhatama. Yoo dubrummaan bade Cilcilii fayyadamti (Amadnaasir Mahaammad).



Suura 45: Faayaa Forora Aadaa

4.5 Faayidaa Meeshaalee Aadaa

Meeshaaleen aadaa eenyummaa sabaa ibsan kunuunsuun dhalootaa dabarsuun filannoo biroo akka hin qabne sirriitti waan hubatameef wareegama guddaa kaffalee asiin gaheera. Hawaasni aanaa kanaa jireenya isaa keessatti faayidaarratti hundaa’u haala bu’aa qabeessa ta’uu isaa addaan baasuun kan uummate keessaa tokko meeshaa harkaa, faayaa dubartootaafi kkf haala ittifayyadama hawaasichaa kan ibsanidha. Akkasumas, qorannoon kun meeshaalee aadaa sadarkaa umri namoota adda addaa ta’an kan itti dhimma bahanidha, wantoota isaan irra hojjetaman, yeroo itti dhimma bahamu, qaama isaan irratti godhataniifi faayidaalee argaman gadi fageenyaan ragaaleen odeeffakennitotarraa walitti qabameera.

Meeshaaleen aadaa tajaajila garee hawaasaa keessatti meeshaa ammayyaa waliin wal makanii fayyadamuu osoo hin taane eenyummaa ofiif dursa kennuun bifa itti fufinsa qabuun ol aantummaa fiduun omisha gahaa dhiheessuudha. Gosoonni meeshaalee aadaa dhiiraa ta’an akka shamizaa, marxoo, filaafi kophee yoo ta’an; kan dubartootaa kanneen akka meeshaa mataa, gurraa, mormaa, harkaa, lukaafi meeshaa aadaa tajaajila adda addaaf akka oolan bal’inaan hojiin beeksisaa irratti hojjetamuu qaba. Dubartoonni meeshaalee aadaa mataa kaasee hanga lukaatti ittifayyadaman miidhagina isaanii ibsuuf qofaaf osoo hin taane mirgaafi kabaja dubartummaa isaanii kennamu qabu kana cinaatti gara dinagdeetti jijjiiruun hawaasichi irraa fayyadamaa taasisuudha.

Hawaasni aanaa Haramaayaa maddi dinagdeen isaanii hojii qonnaa irratti kan bu’uureffatedha. Aanichis akka waliigalaatti 99 kallattiinis ta’e al kallattiin jireenyi isaanii hojii qonnaa irratti kan bu’uureffatedha. Midhaan oomishanis Bishingaa, Mixaaxisa, Saliixa, Boqqolloofi kan kana fakkaataan yommuu ta’an, sharafa biyya alaa Jimaafi Bunni isaan gurguddoodha. Bal’inni lafa aanaa kanaas km² 700 yoo ta’u, hektaara tokko irraa waliigalaan boqqolloo kuntaala 25fi isaa ol akka oomishamu odeeffannoo waajjira

Misooma Qonnaa aanichaarraa argame ni addeessa. Jireenya hawaasa kanaa hojii qonnaarratti kan bu'uureffate ta'us dinagdee isaanii fooyyeessuuf hojii qonnaa cinaatti ogummaa meeshaalee aadaarraa diinagdee isaanii fooyyessuu nidanda'ama. Hawaasni aanaa Haramayaa galii meeshaa aadaarraa argamu ittifufinsaan argachuuf tooftaa dinagdee isaanii itti cimsatan bal'inaan omishuun galii walirraa hin cinne argachuu dandeessisa. Diinagdeen gama Kanaan argamu namoota muraasa biratti danga'ee kan hafu ta'uu hin qabu. Rakkoo guddaan gama Kanaan jiru rakkoo ilaalchaa keessaa bahuun namoota ogummaa meeshaa aadaarratti qaban jajjabeessuu, meeshaalee aadaa kana harkaan hojjechuurra darbee teekinoloojii ammayyaan gargaaramuun hojii dhabdummaa xiqqeessuun aadaa ofii caalmaatti beeksisuu, diinagdee hawaasa harkaa gara afaanii ta'e, gara sharafa biyya alaa argamsiisuu danda'utti cehuu akka danda'utti hojjechuun jijjiiramni dinagdee hawaasarratti dhufu akka danda'u qorataan amantaa qaba.

Milkaa'inni gama Gurmaa'insa IMX tiin dargaggootaafi namoota ogummaa qabaniif carraa uumuun gosa meeshaalee aadaatiin baay'inaafi qulqullina gabaan barbaaddu omishuun hawaasa fayyadamaa taasisuun barbaachisaadha. Waajjirri Aadaafi Tuurizimii duudhaa hawaasaa Oromoo beeksisuufi misoomsuu, fayyadamummaa hawaasichaa mirkaneessuu keessatti gahee isaa akka bahu gochuun barbaachisaadha. Gahee kana keessaa akaakuu meeshaalee aadaa namoonni ogummaa qaban omisha isaanii gara gabaatti dhiheessuufi iddoo hojiin kun itti omishan haala mijeessuun dirqama. Dargaggoota waldaan gurmaa'anii omishaniifi gabaatti dhiheessaniif leenjiin humna raawwachisummaa isaanii cimsuun hawaasni qabeenya kanarraa fayyadaman gochuufi diinagdee isaanii bifa guddisuu danda'utti hojjechuun dirqama lammii hundaa ta'uu qorannoo kun nimul'isa.

4.6 Gufuuwwan Ittifayyadama Meeshaalee Aadaa

Meeshaalee aadaa irratti gufuu kan ta'an maal fa'a? jedhuuf deebiin qorannoo kanaan argame ittifayyadama meeshaalee aadaa hawaasarratti kanneen gufuu ta'an jedhaman akka dhiibbaa ilaalchaa, dhiibbaa siyaasaa, amantiifi ammayyummaa wajjin walqabateen meeshaalee aadaatti dhimma bahuun akka aadaa duubatti hafaatti ilaaluu, ilaalcha qaroomnerra jedhanii of dagachuu yookiin aadaa ofiif dantaa kennuu dhabuu, meeshaalee ambaa yookiin ergisaan liqinfamuu kan ijoo ta'an yommuu ta'u aadaa ofiif xiyyeeffannoo kennuurra waanuma ijatti toletti of dagachuun akka jiru yaada bal'aa odeefkennitootni kaasaniiru. Gama biraatiin akka gufuu ta'anitti yaadni ka'e keessaa aadaafi amantaa walmakuun fayyadamuudha. Kunis, uffannaa aadaa leellisuun amantaa ofii akka dagatetti ilaalama jedhanii yaaduun jiraachuu odeefkennitootni ni ibsu.

Dubartoonni meeshaa aadaatti faayadaaman miidhaagina isaanii ibsuun cinaatti mirga isaanii kan eegsisu faayidaa mataa isaa danda'ee qaba. Hawaasni gufuuwwan sadarkaa adda addaarraa isaan quunnamaa ture dandammachuun kan eenyummaa hawaasaa bal'aa kan ibsaan keessaa meeshaalee aadaa isa olaanaa yoo ta'u, aadaan duubatti hafa hawaasa keessaa akka hin jirre odeefkennitootni dhugaa ni bahu. Akkasumas tajaajilli meeshaalee aadaa akka kabaja, safuu, duudhaa hawaasummaa keessatti qaban dhiibbaalee gara amantiifi kan birootiin dhufan irraa kan ka'e labata haaraa biratti hubannoon jiru xiqqaachuu isaa ni ibsu. Gosoonni meeshaalee dubartoonni ittifayyadaman kanneen akka meeshaa mataa, gurraa, mormaa, harkaa, lukaafi uffatni aadaa tajaajila adda addaaf kan oolanidha. Haala ittifayyadama meeshaalee aadaa dubartootaa keessaatti bu'aa inni qabu guddaa ta'ee osoo jiru dhaloonni ammaa/dhaloota haaraa tokko tokkoo waa'ee isaatu sirriiti kan hin beekne ta'uun isaa nimul'ata. Dubartiin meeshaalee aadaatiin hinfayamne argachuun dur kan hin baramne yoo ta'u, har'a ammoo dibata adda addaatti fayyadamuun; meeshaalee aadaa ammayyumman bakka buusuun kan mul'atudha.

5. CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

5.1. Cuunfaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa meeshaalee aadaa Oromoo godina Harargee Bahaa aanaa Haramaayaa xiinxaluudha. Ittifayyadama meeshaa aadaa walqabatee qorannoo gaggeeffaman tarreessuu, faayidaa meeshaaleen aadaa hawaasa keessatti qabu ibsuu, hawaasni aanaa Haramaayaa haala kamiin akka dhimma itti bahan ibsuu, meeshaa aadaa itti fayyadamnu xiinxalameera. Barbaachisummaa qorannichaa, akaakuwwan meeshaalee aadaa aanaa Haramaayaa gama itti fayyadama isaarratti ga'ee qaban qorattoonni gara fuulduraa yoo irratti hojjatan, kitaaba yoo barreessan, sirna barnootaa keessa caalmaatti yoo galchaniifi qaama hawaasaa keessatti hojjatan, akkasumas firii qorannoo kanaa hubannoo keessaa yoo galchan gumaacha gochuu danda'a. Gosti qorannoo kanaa gosa qorannoo ibsaa ta'ee odeeffannoo kennitoota madda ragaa tokkoffaa mala iyyaafannaa /snow ball/fi akkayyoo /purposive/tiin iddatteessee ragaalee sassaabuuf meeshaa akka afgaaffii, sakatta'a galmee, marii gareefi daawwannaa dirree xiyyeeffannoon itti dhimma baheera. Qorataan yaada odeeffannoo kennitoota irraa sakatta'e xiinxalee qaaccessuun hiika itti kennee bifa armaan gadiitiin gudunfee jira.

Yaadxinni qorannichaaf qoratchi fayyadame yaadxina tajaajilaadha. Yaadxinni tajaajila yaadxina walakkaa jaarraa digdammaffaa keessaa hayyoota xiinaadaafi xiinhawaasaa biratti fudhatama argachuu jalqabedha. Dan Ben Amos (1972) akka jedhutti” Functionalism mainly came to prominence as a school of sociological theory in the 1950s, its origins can be traced to an earlier generation of writers working in the field of anthropology in earlier decades of the twentieth century. Akkuma yaada kan irraa hubatamuu yaadametti, yaadxinni tajaajilaa fudhatama argachuu jalqabe bara 1950 keessa yommuu ta'u, hayyoonni xiinaadaafi xiinhawaasaa lellistoota dayeessa kanaa ta'uu biratti kan faayidaan isaa itti fufsiisanidha. <http://www.eolss.net/Eolss-sampleAllChapter.aspx>

Yaadxinni tajaajilaa goorowwan fookiloorii qorachuudhaaf akka fayyaduu danda'u hayyonni kallattiin isaan kaa'aniifi sababni isaan dhiyyeessan qorattoota fookilooriidhaaf akka riqichaatti kan fayyadudha. Kana ilaalchisee, Green(1997:366) Functionalism in folklore studies, the view that every folklore item must have a function. Here, the expectation is that every proverb, tale, folk belief, or ballad must satisfy some important cultural, social, or psychological function. Xiyyeeffannoon yaadxinni kun fookilorii qorachuu keessatti qabu, ilaalcha fookilooriin hunduu faayidaa qaba jedhudha. Kana jechuun mammaksi,

durduriin, amantaaleen, sirboonnifi kanneen akka aadaale, dhimmoonni hawaasummaafi fayidaalee xinsammuu keessatti hammatadha akka jechuuti.

Fookiloorii keessatti waan xiyyeeffannoodha qoratamu keessa tokko waan aadaa (material culture) dha. Yaadxinni tajaajilaa immoo yaadxina waan aadaa qorachuudhaaf faayidaa qabudha. Kana ilaalchisuudhaan, Yakkaldevi, (2014). *“Functionalism, is a broad perspective in sociology and anthropology which sets out to interpret society as a structure with interrelated parts. Functionalism addresses society as a whole in terms of the function of its constituent elements; namely norms, customs, traditions and institutions.* Akka Yaada kaanatti, Fookilooriin damee dhimmoota xiinaadaafi xiinhawaasaa waliin walitti dhufeenya qabudha. Keessattuu, gama caasaa hawaasaan, qabiyyeen bu’aa adda addaf oolan, duudhaalee, sufuu hawaasni qabu, dudhaalee, bareewwanfi dhimmata dhaabbilaa hawaasaa kan of keessatti hammatudha. Xiinaadni dame waan aadaa qoratudha. Kanaafu, waan aadaa qorachuuf qorannicha keessatti yaadxinni qorannicha keessatti hojii irra oole yaadxina tajaajilaadha.

5.2. Argannoowwan

Hawaasni aanaa Haramaayaa meeshaalee aadaa adda addaa kan qabuufi eenyummaa isaatti kan boonudha. Kanuma bu’uura godhachuudhaan meeshaaleen aadaan aanichi qabu maal fa’a akka ta’e odeeffannoo qorannichaaf funaaname xiinxalameera. Kana jechuun aanaan Haramaayaa meeshaalee aadaa gosa adda addaadhaan kan badhaate ta’uu isaa odeeffannoon argame balbaloomseera.

Meeshaaleen aadaa maali irraa akka hojjetaman ibsuun xiyyeeffannoo qorannichaati. Meeshaaleen aadaa kan isaan irraa hojjetaman waantota naannotti argaman irraati. Kunis, kanneen akka: Calleefi Elellaa, Sibiila, Migira, Muka, Suphee, Buqqee, Jirbiirraa, Meetii, Birrii yookiin ziqaya kan fakkaatan irraa kan hojjetaman ta’uu bira gahameera. Bu’uura xiinxala qorannichaan meeshaaleen kun waan isaan irraa hojjetaman haala itti aanuun ibsamaniiru:

Gogaa:- Oromoon horii horsiisuufi bineessota bosonaa naannoo isaatti haala adda addaadhaan fayyadamaa tureera. Haala itti fayyadama isaa keessaa tokko meeshaalee aadaa gogaa isaanii irraa hojjechuudha. Kana jechuun osoo warshaan gogaa gara meeshaalee adda addaatti jijjiiru hin dhufiin duraanuu Oromoon muuxannoo mataa isaadhaan meeshaalee aadaa hojjetee itti fayadamaa turuu isaa odeeffannoon qorannichaaf funaaname ni mirkaneessa. Meeshaaleen kunneenis Kophee Miillaafi Gaachanadha. Kunis Oromoon aanaa Haramaayaa muuxannoo mataa isaadhaan meeshaalee aadaa kan

hojjetaa tureefi ammas jirudha. Kanaafuu, gogaan meeshaaleen aadaa irraa hojjetaman keessaa isa tokkodha.

Mukaafi Sibiila:- Hawaasni Oromoo Harargee Bahaa aanaa Haramaayaa keessa jiraatan ogummaafi ogeessota aadaa qabaachuudhaan jiruufi jireenya isaani geggeefachaa hanga ammaatti kan jiraatan ta'uu isaanii waantota namatti ibsan keessaa tokko qaroomina isaan meeshaalee aadaa sibiila irraa hojjetanii itti dhimma ba'aa turanidha. Kanaaf, kan ragaa quubsaa ta'u, odeeffannoofi ragaalee qorataan meshaalee funaansa ragaalee adda addaatti dhimma ba'uudhaan walitti qabedha. Yaada kana bu'uura godhachuudhaan meeshaaleen aadaa sibiila irraa hojjetaman kanneen akka: mancaa, eeboofi Biillaa/Giileen kan sibiila, gogaafi muka irraa tolfamedha.

Migira:- Aanaan Haramaayaa haala qilleensa adda addaa kan qabu yommuu ta'u, migirri biqila citaa naannoo qilleensa baddaa keessatti hedduminaan kan biqiludha. Uummanni Oromoo naannoo Haramaayaa qabeenya uumamaa naannoosaa jiru faayidaa adda addaadhaaf dhimma itti ba'aa jiraachuun isaa immoo ogummaan kun kan jaallatamaa isa taasiseera. kanaafuu, migirri hawaasa Oromoo haramaayaa biratti meeshaa aadaa ittiin hojjechuudhaaf faayidaa olaanaa kan qabu ta'uu isaa ragaaleen argaman kan ibsanidha. Meeshaan migira irra hojjetaman kunis, kanneen akka: ciicoo, gingilii, afuufuu, gimbicha huccuuti.

Gogaafi Migira: - Oromoon qabeenya naannoo isaatti fayyadamuun cinaatti horii horsiisuudhaan kan fayyadamaa turedha. Beelladotaafi bineeldota yookaan immoo biqiloota nannoo isaa dhimmoota adda addaaf fayyadamu akkuma Oromoota iddoo biraa baramaadha. Kan inni itti fayyadamus biqiloota naannoo isaatti argamu irraa waantota faayidaaf oolaniifi kan beelladotaafi bineeldota irraa argaman walitti fiduudha. Bu'uura kanaan migirriifi gogaan ragaalee qorannicha ta'uudhaan meeshaaleen Oromoon haala barbaadeen tolchatee itti fayyadamaa jiraachuun kan dhugoomsanidha. Fakkeenyaaf, qalamshiisha, quunnaa, qarawaa, daarotaa, gingilchaa biqiltuu migiraan tolchamee gogaadhaan faayamee kan hojjetamedha.

Hawaasni Oromoo Aanaa Haramaayaa mukeen adda addaa faayidaa adda addaaf oolfata. Hawaasni kun mukeen naannoo isaatti biqilu dhimma adda addaadhaaf kan fayyadamu meeshaalee aadaa irraa tolfachuun isa tokkodha. Akka odeeffannoon qorannichaa ibsutti meeshaaleen aadaa hawaasichi muka irraa tolfachuudhaan itti fayyadamu: Boraatii ciisichaa yookaan ciqilfannaa, Hulullee, Gabatee/Harkoo

nyaataa yommuu ta'u, filaan muka makkanniisaa irraa kan hojjetamu ta'ee kuulaan midhagfama. Akkasumas, dibbeen mukaafi gogaa beelladootaafi bineeldota adda addaa irraa kan tolfamudha.

Suphee:- Biyyeen suphee akaakuu biyyee jiran keessaa kan faayidaa olaanaa qabuufi kan hawaasni aanaa Haramayaa itti dhimma bu'u ta'uu odeeffannoon qorannichaa keessatti xiinxalame ni ibsa. Faayidaa isaa keessaa tokko meeshaalee aadaa irraa hojjechuun itti dhimma ba'uudha. Meeshaaleen aadaa suphee irraa hojjetamanis: okkotee, dhaabdoo, eelee/qibaaba, distii fa'i.

Buqqee:- Akkuma warren biroo buqqeen meeshaaleen aadaa irraa hojjechuudhaaf kan fayyadu keessaa isa tokkodha. Kunis bifa aadaadhaan kan hojjetaamuuf taajaajila aadaadhaaf kan oolu keessaa isa tokkodha. Kanaafu, meeshaaleen aadaa kanneen buqqee irraa hojjetaman kanneen akka Buchumaa, Kaasa/Geeba Hoojjaa, Quluu Bishaanii, Dheenggee Daa'immanii, Wiissaa fa'i. Isaan kunneen hawaasaa biratti iddoo olaanaa kan qabaniifi kan hawaasni muuxannoo ofii ibsachudhaan barnoota idilee tokko malee hojjetee itti fayyadamaa dhalootaaf dabarsee asiin gaheera.

Jirbii:- Jirbiin kan biqilu yeroo baay'ee bakkeewwan gammojjii qilleensa ho'a qaban keesstti yommuu ta'u, iji isaa uffata hojjechuudhaaf kan gargaarudha. Jirbiitti hawaasni kutaalee addunyaa adda addaa kan itti fayyadamanidha. Haaluma kanaan Oromoon Harargee Bahaa aanaa Hamaayaa qarooma kana fayyadamuun isaa qoroomina hawaasni addunyaa addaa addaa itti fayyadame fayyadamuu isaa kan ibsudha. Kun immoo hojiin uummata kanaa kan laayyootti ilaalamu akka hin taane hubachiisa. Meeshaaleen aadaa hawaasichi jirbii irraa hojjechuudhaan itti fayyadamu kanneen akka: Uffata Saddeeta, Manquxii, Qoloo, Wandaboo, Shamizaa, Marxoo ta'u bu'aa qorannoo adeemsisameen kan argamedha. Faayidaa meeshaaleen aadaa Oromoo aanaa Hamaayaa hawaasaaf qabu hedduudha. Faayidaaleen isaa maal fa'a akka ta'an argannoo qorannichaa ta'uun haala itti aanee ibsamun kan addeessame ta'u. Isaanis:

Meeshaalee aadaa waraanaaf oolan: Hawaasni Oromoo aanaa Hamaayaa keessaa jiraatan meeshaalee aadaa kan isaan ittif fayadaman keessa tokko waraanaaf. Akkasumas, ittiin omisha isaa eeggachuufi diina isarratti argaamame ittiin ofirraa deebisuuf kan tajaajiludha. Meeshaaleen kunneenis akka: Biillaa/Giilee, eeboo, gaachana, mancaa fa'i.

Meeshaalee Muuziqaaf:- Oromoon Harargee hojii gama muuziqaadhaan inni hojjete hawaasa Oromoo iddoo biraatti illee kan beekamudha. Kun ka'umsi isaa meeshaalee aadaa isaan ittin fayyadaman aartii

isaanii ibsachaa turanidha. Meeshaaleen kunneenis akka dibbeefi ulullee ta'uu odeeffannoo qorannichaa argamen kan dhugoomedha.

Tajaajila mana keessaaf:- Oromoon aanaa Haramaayaa keessa jiraatu meshaalee aadaa kan inni fayyadamu keessaa tokko tajaajiloota mana keessaa fayyadamuudha. Kana jechuun dhugaatii itti naquuf, nyaata itti nyaachuuf, irra ciisuuf yookaan boraafachuuf, mana ittiin miidhagsuuf, midhaan itti naquuf, ittiin safaruuf, midhaan ittiin qulqulleessuuf, nyaata itti hojjechuuf, qophiilee adda addaa ittiin miidhagsuufi kkf fa'i. Fakkeenyaaf, meeshaalee mana keessaa kanneen akka: dhaabdoo. okkotee, qibaaba yookaan eelee, distii, gabatee, harkoo, Qorii, Boraatii, Qalamshiisha, Gingilii, Afuuftuu/Safii, Quunnaa, Qarawaa, Daarotaa, Gingilchaa, Ciicoo, Qimbichaa Huccuu, Buchumaa, Kaasa/Geeba Hoojjaa, Quluu Bishaanii, Dheengee Daa'immanii, Wissaa fa'aa meeshaalee mana keessatti hawaasni itti gargaaramudha.

Faayaadhaaf:- Faayidaa meeshaaleen aadaa keessaa inni tokko faayaaf ooludha. Haalli isaan itti faayaaf oolanis kallattii aadaadhanidha. Fakkeenyaaf, uffachuudhaan, dirachuudhaan suuqachuudhaan, marxifachuudhaan, marachuudhaan, hidhachuudhaan, kaawwachuudhaan (harkatti, miilatti, addatti, mormattiifi kkf dha. Meeshaaleen aadaa kanneen akka: filaa, Uffata Saddeetaa, Manquxii, Gumee, Girjaa, Caaccuu, Qarmaa, Kuula Qallaa Gurraacha, Guftaa, Alboo, Kulkultaa fa'i. Meeshaalee kunneenis yeroo adda addaafi qophiiwwan adda addaa bifa addaa ta'een kan fayyadaman yommuu ta'an, jireenya guyyuu keessatti illee sansakaa ofii ittiin eeggachuudhaaf kan oolanidha.

Uffataaf:- Oromoon uffata aadaa eenyummaa isaa ittiin ibsatu qaba. Odeeffannoo qorannichaaf funaaname keessatti uffatni aadaa Oromoo aanaa Haramaayaa qabu kanneen akka: marxoo, shamiiza, kophee, wandaboo, qoloodha. Uffatni kunneen dhiiraaf yommuu ta'u, haawwan yookaan shamarran immoo aadaa mataa isaanii qabu. Fakkeenyaaf kan dhiirri uffatu marxoo, shamiiza yommuu ta'u, wandaboofi qoloo kan shamarran yookaan haawwan uffatanidha. Kophee dhiiraa yeroo gannaafi yeroo bonaa godhatanis mukaafi gogaarraa hojjetaman kan jiran yogguu ta'u; uffanni dhalaan uffataman yeroo, aruuzaa, ayyaanaafi kkf uffatanidha.

Yoomessi meeshaalee aadaa iddoowwan cidhaa, ayyaana adda addaa, bashannanaa, sagantaa garagaraafi meeshaaleen tokko tokko immoo yeroo kamiyyuu kan tajaajila kennaniidha. Yoomessi meeshaalee aadaa yeroo bashannanaa, gammachuu, diina ofirraa deebisuuf, miidhaginaaf, keessatti akka tajaajila kennan bira gahameera. Faayidaa meeshaaleen aadaa hawaasaaf qabuufi aadaa oromoo ibsuu akka danda'anis

bira ga'ameera. Hawaasa Oromoo aanaa Haramaayaa meeshaa aadaa itti fayyadaman rakkoo dinagdee isaan mudatuuf, qulqullinaafi baayyi'inaan omishuun rakkoo isaan mudachaa turan irraa jijjiiramanii fayyadamaa ta'uu danda'an isaanii bira ga'ameera. Meeshaleen aadaa mallattoo eenyummaafi duudhaa ibsuu qabaniifi kabaja kennan dhalootaaf dabarsuu akka danda'an bira ga'ameera. Meeshaaleen aadaa tajaajila hawaasummaa kunneen qabaniifi dhiibbaa sirnoota darbaniin xiyyeeffannaa kennuu dhabuu irraa kan ka'e sadarkaa inni yeroo ammaa irra jiru qorannoo kanaan mul'ateera.

Gaaffilee bu'uura qorannoo keessaa akka hanqinaatti dhihaatan.

- Kunuunsi ga'aan meeshalee aadaatiif godhamu gahaa ta'uu dhabuu. Kana irraa kan ka'e gatiin meeshalee aadaa garmalee ol ka'aa deemaa jiru hawaasni bitachuu dadhabuu.
- Godaambaa Aanaa Haramaayaarraa jiraachuu dhabuu kan jiru karaa seera qabeessa ta'een mijeessanii kaahuu dhabuu qabatamaan agarsiisaf ta'uu danda'u /visual show/ hin jiru.
- Namoonni meeshaa aadaatti gargaaraman lakkoofsi isaanii xiqqaachaa; kan aadaa ergisaan dhimma bahaniifi wal keessa makanii fayyadaman baayyachaa deemaa jiraachusaati.
- Akkasumas namoonni muuxannoo ogummaa qaban salphaatti argamuu dhabuun kan isaan sodaachise ta'uu odeeff kennitoonni ni himu; yeroo daawwannaa kanumatu mul'ata.
- Ittifayyadama meeshaa aadaarratti naamusa waliin walqabatee waldhaga'anii/gorsa haayyotaa, abbootii dhagahanii dhimma itti bahu dhabuu. Akkasumas,
- Namoota ogummaa qaban leenjiin isaan cimsu itti fufinsaan kennuu dhabuufi yeroo omishan beekumsa walirraa fudhachuu dhabuu;
- Waldaan gurmaa'insa IMX omishaafi gurgurtaa meeshaa aadaarratti jiru gahaa ta'uu dhabuu.
- Dargaggoon muraasni gurgurtaa aadaarratti waldaan gurmaa'an iddoon hojii kennamuu dhabuu,
- Namoota ogummaa meeshaalee aadaa irratti dandeettii qaban jajjabeessuu caalaa hamileesanii gadi qabuu, ogummaa walii jajjabeessuurra waltuffii baayyachuu rakkoo ta'aa dhufuun hanqina ijoodha.

5.3. Yaboowwan

Akka aanaa Haramayaatti akaakuu meeshaalee aadaa walqabatee hanga ammaatti ibsaman xiinxalamaniiru. Firiin xiinxala kanaa immoo hojii qorannoo itti aanuuf waan karaa saaqe qaba. Kunis fookiloorii Oromoo irratti hojiin barbaachisaa ta'e, meeshaan aadaa itti dhimma bahuun walirraa darbaa dhufe kitaaba keessatti barreessanii olkaa'uufi meeshalee hawaasni yeroo durii itti dhimma bahan walitti qabanii god-hambaa keessatti sassaabanii kaa'uun qofti gahaa waan hintaaneef itti fufinsa karaa qabuun

bal'inaan omishanii dhalootaaf ol kaahuun akka qabaatu gochuun dirqama nama hundaa ta'uun isaa shakkii hinqabu. Kanaafuu firiin qorannoo kana irraa argame ka'umsa godhachuun waa'ee meehaa aadaa itti fayyadama isaa walqabatee qorataan yaboo kanaa gadii kaa'ee jira.

a/ Meeshaa Aadaa Oromoo Harargee Aanaa Haramaayaa dhaloota haaraan dagatamaa dhufaa jiru xiyyeeffannoo barbaachisan keessaa namoota ogummaa meeshaa aadaa hojjetan jajjabeessuu yookaan beekamtii akka qabaatan gochuudha. Ogummaan kun dhimma eenyummaa ta'uu isaa hubannoo kennuun bifa bittinaa'un fayyadamuurra waldaan gurmaa'anii akka hojjetaniifi hojiin bifa bittina'een bakka hunda kan jiru marti beekamtiin kennameefii kunuunsi godhame.

b/ Meeshaaleen aadaa gosa irraa hojjetaman kunneen karaa itti fufinsa qabuun hojjechuufi leenjii meeshaa aadaa irratti yookiin kalaqa Oromoo durii hammachuu danda'u bu'uureffachuun dhaabbata leenjiifi Teekinika ogummaa keessatti osoo hundaa'ee dhiheessi meeshaa itti fufinsa qabaachuu danda'a.

c/ Duudhaaleen aadaa dhaloota haaraan qeebalchiisuuf namoonni muuxannoo qaban gumaacha ogummaa dhalootaa bahuun cinaatti goda hambaa bifa aadaa mul'isuu danda'u miidhagsanii ijaaru. Haala jireenya hawaasa durii ibsuu danda'an leenjisee aadaan durii qabatamaan mul'isuun /real visual show/ turistootaaf osoo banaa ta'ee galii dinagdee isaanii guddisuu danda'a. Fakkeenyaaf biyyoota guddatan keessaa Koriyaa Kibbaa 'Folk village' jechuun namootni uffata aadaa durii uffatanii, meeshaa durii qabataniifi fayyadaman, akkasumas beellada akka horii, fardaa, bineensota madaqfaman waliin qabatamaan daawwatootaaf banaa gochuu. Uummanni Oromoo eenyummaa, duudhaa, aadaa, afaanifi seenaa isaa akka waantoota gara garaan hin liqimfamneefi guddifachuu akka danda'u waggaa waggaan Oromiyaa mara keessatti guyyaan kabaja ayyaana aadaa Oromoo miidhagan osoo qophaa'ee gaarii ta'a.

d/ Dhaloota haaraaf kaarkuleemiin baruumsi dhimma aadaarratti qophaa'ee barnoota idilee waliin akkaataan ittiin kennamu yoo mijaa'e malee namoonni amantaafi aadaa addaan baafachuu dadhabuun aadaarratti dhiibbaa geessisan nimul'atu.

e/ Ayyaanota yookiin sagantaalee yeroo adda addaa gaggeeffaman kan akka haruuzaa, ayyaanota amantii, kaabajaalee adda addaa gaggeeffamu cimsanii irratti akka hin hojjanne agarsiisa. Kanaafuu osoo irratti hojjatamee gaarii ta'a. Kana gochuun immoo ogeessoonni fedhii ogummaa qabaachuun isaanii ummanni Oromoo addunyaa faana akka tarkaanfatu gargaara.

f/ Yeroo kabaja ayyaanarratti ittiffayadamni meeshaalee aadaa wajjin walqabatee itti gaggeeffamaa jiru jijjiiramni guddaan irratti mul'ataa jira. Kun immoo gara badiifi irraanfachuutti geessaa jira waan ta'eef

qaamni ilaalu hawaasa waliin marii gaggeessuun furmaata kaa'uu qaba. Fkn. Kabaja sirna fuudhaafi heerumaa yoo ilaalle yoomessi isaa geeddaramee guyyaarraa gara halkaniitti jijjiiramaa jira. Kunimmoo miidhagina meeshaan aadaa qabu hir'isa. Kanaafuu haala baramaa duriitti akka deebi'uuf qaamni ilaallatu irratti hojjachuu qaba.

g/ Haalli moggaasa maqaa baasuu ogeessota meeshaa aadaa hojjetan kennamaaf jiru kan duriirraa jijjiiramaa jira. Keessayuu haalli maqaa hin taane moggaasuu dhaloonni ammaa haalaan hubachiisuu barbaachisa. Kunimmoo haala amma jiru kanaan yoo itti fufe beekumsiifi kalqni oromoon qabu badaa deema kanaaf xiyyeeffannaa kennuun barbaachisaadha.

h/ Oromoota abbaa qabeenyaa ta'aniif bifa eenyummaa uummata Oromoo cimsuu danda'anitti daandiin gahee isaanii bahan osoo saaqameef. Fkn. Mana meeshaa aadaa omishaniifi gurgurtaa babal'achuu qabaata. Leenjii ogummaa gaggabaabaa ogeessota meeshaa aadaaf kennuu, namoota ogummaa qaban onachiistuufi kkf of keessatti hammatu akka babal'isan osoo godhamee gaarii ta'a.

i/ Meeshaalee aadaa miidhagina kennuurra darbee hawaasa Oromoo aanaa Haramaayaa calaqqee eenyummaa isaa kan mul'isu waan ta'eef gara fuulduraatti aadaan isaa addunyaa waliin deemuu akka danda'amuufi aadaa saba biroos akka hammatu BATO qaama ilaalu waliin osoo hojjatee gaarii ta'uu danda'a.

Aanaa Haramaayaatti meeshaaleen aadaa faayidaa hedduu qabaatanis itti fayyadama isaanii irratti gufuun addaa addaa akka jiran hojii odeeffannoon qorannichaan xiinxalame keessatti kan adda baafamedha. Itti fayyadama meeshaalee aadaa irratti dhiibbaan adda addaa akka jiru hojii bu'aa qorannichaan argamedha. Dhiibbaaleen kunneenis akka: dhiibbaa siyaasaa, amantii, aadaa ofiif dantaa dhabuu, kan ofii dhiisanii waanuma ijatti toletti fayyadamuu, teeknoolojii ammayyummaan dagatamuu, aadaafi amantaa wal makuu yookaan adda baasanii fayyadamuu dhabuu, meeshaa ambaa ergifachuun fayyadamuun gufuuwwan qorannichadhaan adda baafamanidha. Haata'u malee rakkoollee kanaaf furmaata ta'uu kan danda'an akka arman gadiitti ibsamaniiru: -

- Meeshaalee aadaarratti rakkoo ilaalchaan walqabatanii mul'atan irratti hawaasaaf hubannoo walirraa hin cinne kennuu.
- Rakkoon eenyummaa ofi dagachuu ka'umsa kan ta'u dhiibbaa ol aantummaa aadaa biroo kan aadaa eenyummaa ofii akka hin taane hubachiisuu.
- Dhiibbaa ilaalcha adda addaa geessisan ofirraa akka fageessan artistonni Oromoo bifa walaloon, diraamaan, baacoofi kkf fayyadamuun hubannoo walirraa hin cinne kennuu.

- Dhiibbaa gama siyaasaa, amantiifi ammayyummaa waliin walqabatee mul’atan adda baasanii hubachiisudha. Aadaafi amantaan garaagara akka ta’an, tokko isa biroo bakka buusanii fayyadamuu osoo hin taane ittifayyadamni isaa adda addaa akka ta’e keessattuu dhaloota haaraa imaammata barnootaa keessatti akka hammataman gochuu’
- Meeshaalee aadaatti dhimma bahuun akka aadaa duubatti hafummaatti kan ilaalamu osoo hin taane eenyummaa ofii beekuu akka ta’e beektonni, maatiin, sekterri dhimma eenymmaarratti hojjetan gahee isaanii akka bahan gochuu.
- Namoota tokko tokko qaroomnerra jedhanii of dagachuu yookiin aadaa ofiif dantaa kennuu hin beekne meeshaan ormaa kanuma ormaa akka ta’eefi qabeenya saba biroo maal akka ta’e sirriitti beeksisuun gahee lammii Oromootaa akka ta’e wal hubachiisudha.
- Meeshaaleen aadaa Oromoo irratti hubannoo walfakkaataa uumuu keessatti dhaloonni haaraan eenyummaa ofii sirriitti akka beekaniif miidiyaan OBN, beektonni Oromoo, Artistoonni Oromoo, BBO Imaammata Barnootaa qophaa’u keessatti caalaatti hammachiisuun sadarkaa mana barumsaa keessatti barsiisonni hunduu gahee isaanii bahuu qabu jedha qorataan.

WABIILEE

- Abdii Ismaa'il .2007/2015. "Xiinxala Meeshaalee Aadaa Oromoo Arsii; Godambaa Siidaa Wareegamtoota Aanoolee Keessatti Argaman." Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Muummee Afaan Oromoofi Hogbarruuf Dhiyaate: Yuuniiversiitii Addis Ababaa, (Kan hin Maxxanfamne)
- Abdullahi Wayyu .2007. "Xiinxala Meeshaalee Aadaa Manaa" jedhu waraqaa qorannoo digrii tokkooffa guutachuuf Arsii Lixaa Aanaa Shashamanneetti.Qorannoo Digirii tokkoffa Muummee Afaan Oromoofi Hogbarruuf Dhiyaate: Yuuniiversiitii Haramaayaa, (Kan hin Maxxanfamne)
- Addunyaa Barkeessaa .2011. Akkamtaa: Yaadarimee Qorannoo Hujoo. Finfinnee: mega printing press.
- Bascom, W.R. 1965. *Four Functions of Folklore, in Dundes, A. (1965). The Study of Folklore.*Burkelay: Printice-Hall, Inc.
- Bacom William .1994. African Folktales in New World.Indian University Press.
- Beekan Gulummaa .2015. *Dindimo*: Finfinnee: Subi Printing Press.
- Bogatyrev .1982. Living Folklore.An Introduction to Study of Peopleand Their tradition. Utah state University Press.USA.
- Dan Ben Amos .1972. *The introduction Folklore In Africa Society*: Lind froms of Folklore In Africa: Austin University Of Texas.
- Darajjee Darrasaa .2016. "Qaaccessa ittifayyadama Meeshaalee Faayaa Aadaa Dubartootaa Godina Saaba Oromoo Aanaa Kamisee" Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Muummee Afaan Oromoofi Hogbarruuf Dhiyaate: Yuuniiversiitii Addis Ababaa, (Kan hin Maxxanfamne)
- Dastaa Dassaaleny .2013. *Bu'uura Qorannoo*: Addis Ababaa. Mana Maxxansaa Boolee.
- Dirribii Damusee .2012. *Ilaalcha Oromoo*: Barroo Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo.Maxxansaa Finfinnee.
- Dorson, R. 1972. Folklore and Foklife: an Introduction. Chicago: The University of Chicago.
- Fekade Azez .1991. *Teaching Material Selected and Compiled Reader for Elit*: Department of Ethiopian Language and Literature MA. Unpublished
- Filee Jaallataa .2016. Beekumtaa Oromoo: Mana maxxansaa Raajii. Finfinnee.
- Gell Alfred .1998. *Art and agency: An Anthropological Theory*. Oxford : Oxford University Press.
- Georges, R. A and Jones, M. O. 1995. Folkloristics: An Introduction. Bloomington and Indiana Polis: Indiana University Press.
- Gosden C. 2005. *What Do Objects Want?* Journal of Archaeological Method and Theory.

- Green A.T. 1997. *Folklore: An Encyclopedia of Beliefs, Customs Tales, Music and Art*. The United States of America, Oxford, England.
- Hodder, I. 1994/91. *The Interpretation of Documents and Material Culture*: In N.K. Denzin and Y.S. Jiinanus Galataa .2016. “Qabiyyee Meeshaalee Ulfoo Amantii Oromoo Aanaa Tokkee Kuttaayee” Waraqaa Qorannoo Digirii Jalqabaa guutachuuf Muummee Afaan Oromoofi Hogbarruuf Dhiyaate: Yuuniiversiitii Addis Ababaa, (Kan hin Maxxanfamne)
- Martha C. Sim .1963. *Living Foklore: An Introduction to the Study of People and Traditionals*: Unah State University Press.
- Turner, V. 1967. *The Forest of Symbols*: Ithaca. N.Y. Cornell University Press.
- Valsiner J. 2007. *Culture in minds and societies*: Foundations of cultural psychology. New Delhi; Thousand Oaks, CA: Sage.
- Warqinaa Abbaa Soorii .2008. *Sirna Gadaa*.Finfinnee. kan hin maxxanfamne.
- Yakaldevi .2014. *Functionalism,Social Research For Social Science*, published by Laxmi Book Publication.
- Toora Inteerneetiirraa <http://www.eolss.net/Eolss-sampleAllChapter.aspx>

DABALEE A: Gaaffilee Af-gaaffii Odeefkennitootaaf dhihaate.

Kaayyoon afgaaffii kanaa qorannoo mata duree “Xiinxala Meeshaalee Aadaa Oromoo Godina Harargee Bahaa Aanaa Haraamaayaa” jedhuuf ragaa funaanuuf waan ta’eef yaada kam irraa iyyuu bilisa ta’uun shakkii malee deebii keessan akka laattan kabajaan gaafanna.

Ajaja I: Ragaa dhuunfaa: Koorniyaa -----Umurii 20-30 ---- 30-40-- 40 fi ol----- Sadarkaa barumsaa - Gaa’ela: kan fuudhe/ heerumte-----kan hin fuune/ hin heerumne---- kan hiike/te-----

Ajaja II: Waangaafatamte akkaataa sirriin deebisi.

Gaaffiiwwan bu’uuraa afgaaffii odeefkennitoota muuxannoo aadaa qabaniif kan dhiyaate.

1. Meeshaaleen aadaa Oromoo aanaa Haraamaayaa keessatti beekaman maalfaadha?
2. Meeshaaleen aadaa Oromoo aanaa Haraamaayaa maalirraa hojjetamu?
3. Faayidaan meeshaalee aadaa Oromoo aanaa Haraamaayaa maalfaadha?
4. Ittifayyadama meeshaalee aadaa irratti gufuu kan ta’an maal faa’a?

DABALEE B: Odeeffannoo Namoota Ragaa Kennan

La kk	Maqaa Odeeffataa	Saala	Umrii	Bakka Jireenyaa		Hojii Odeeffataa	Gosa Ragaa Kennan	Guyyaa
				Aanaa	Araddaa			
1.	Adam Muummee	Dhi	48	Haramaya	Addallee	Qotee Bulaa	Kophee Aadaa	Caamsaa 12/2012
2.	Nuuree Mahammad	Dhi	52	Haramaya	Waltahaa	Qotee Bulaa	Filaa	Caamsaa.12/2012
3.	Zabiidaa Damshoo	Dha.	38	Haramayaa	Waltaha	Qotee Bulaa	Meeshaa Migiraa	Caamsaa 12/2012
4.	Faayoo Saa'id	Dha	35	Haramaaya	Waltahaa	Qotee Bulaa	Faayaa Gurraa	Caamsaa 12/2012
5.	Faakiyaa Ahimad	Dha	41	Haramaaya	Haroo A	Qotee Bulaa	Geeba Aannanii	Amajjii 20/2012
6.	Illii Dalool	Dha	37	Haramayaa	Waltaha A	Qotee Bulaa	Meeshaa Waraanaa, Buqqee	Caamsaa. 12/2012
7.	Abdii Usmaa'il	Dhi.	40	Haramayaa	Addalle	Qotee Bulaa	Meeshaa Mukaafi Buqqee	Sadaasa 5/2012
8.	Jamaal Umaree	Dhi.	32	Haramayaa	Harro A	Ootee Bulaa	Meeshaa Migiraa	Amajjii.5/2012
9.	Faamii Abbas	Dhi	39	Haramayaa	Ifa Oromiyaa	Qotee Bulaa	Meeshaa Qorii	Waxabajjii 4/2012
10.	Faaxumaa Ibraahim	Dha.	35	Haramayaa	Addalle	Daldaltu faaya aadaa	Meeshaa Migiraafi Buqqee	Sadaasa 5/2012
11.	Aliyyii Idiris	Dhi	32	Haramayaa	Ifa Oromiyaa	Qotee Bulaa	Meeshaa Buqqee	Waxabajjii 4/2012
12.	Mominaa Abdallaa	Dha	29	Haramaaya	Ifa Oromiyaa	Qotee Bulaa	Faayaa Dubartootaafi Buqqee	Waxabajjii.4/2012
13.	Maftuu Ahimad	Dha	45	Haramayaa	Ifa Oromiyaa.	Qotee Bulaa	Uffannaa aadaa	Waxabajjii 12/2012
14.	Faamiyaa Naasir	Dha	41	Haramayaa	Haroo A	Qotee Bulaa	Meeshaa Migiraafi Buqqee	Amajjii 20/212

15.	Ussoo Mahaammad	Dhi	36	Haramaaya	Haroo A	Qotee Bulaa	Meeshaa Migiraa	Amajjii 20/012
16.	Abdallaa Ammee	Dhi	33	Haramayaa	Addalle	Hojjetaa	Meeshaa Muuziqaa	Sadaasa 5/2012
1	Yaasiin Mahaammad	Dhi.	53	Haramayaa	02	Abbaa Gadaa	Meeshaa Waraanaa, Uffannaa Aadaa, Mukaa	Caamsaa.12/2012
2	Imaam Jibriil	Dhi	58	Haramayaa	02	Qotee Bulaa	Uffannaa, Meeshaa Buqqee,	Caamsaa. 12/2012
3	Samiiraa Abdallaa	Dha.	30	Haramayaa	02	I/G/W/A/T Magaalaa	Faayaa Dubartootaa, Uffannaa Dubartii,	Caamsaa 21/2012
4	Maftuhaa Mahaammad	Dha.	28	Haramaaya	01	I/G/W/A/T Aanaa	Faayaa dubartootaafi Migiraa	Amajjii 20/012
5	Amadnaasir Mahaammad	Dhi	42	Haramayaa	01	Ogeessa Aadaa	Faayaa Dubartootaa, Migiraafi Buqqe	Waxabajjii 4/2012

Gabatee 1. Ragaa Namoota Afgaaffii Irratti Odeeffannoo Kennuun hirmaatan.

DABALEE C. Ibsa Waliigala Meeshaalee Aadaa Oromoo Aanaa Haramaayaa


Maqaa meeshaalee/	Tajaajila isaa	Yoomfi akka tajaajilaman	Eessatti akka tajaajilu	Qaama irratti godhatamu	Maalirraa/akk amitti akka	Eenyutu hojjata	Boca/bifa inni qabu.
Qarmaa	Miidhagina ibsachuuf	Yeroo haruuzaa	Iddoo gabaafi yeroo haruuzaa	Addarratti	Calleffi Sibiilarra	nama ogummaa harkaa qabu.	Bifa cancalaafi odaa
Guftaa	Miidhagina ibsachuuf	Yeroo hunda	Iddoo hundaatti	Mataarratti	Huccuurraa	ogummaa qabaniin	Gurraacha
Callee	Miidhaginaaf	Yeroo hunda	Iddoo gabaatti, jilaafi yeroo Haruuzaa	Mormatti	Birrii burushara	Ogeessa aadaa	Mormaarratti
Gumee	Kaadhima Irree ibsuu	Yeroo hundaa	Iddoo gabaa/iddoo adda addaa	Ciqileerratti	Sibiila/Birriirra	nama ogummaa harkaa qabu.	Adii bifa Geengoo
Kilkillee	Dubra ga'iilaa ga'an ibsuuf	Yeroo maraa	Gabaa, cidhaa	Harkarraitti	Sibiillarraa	Ogeessa aadaa	Adii bifa Geengoo
Amartii	Kaadhimamtuu tahu ibsa	Yeroo hundaa	Sagantaalerratti	Qubarratti	Meetiifi Birrii	Ogeessa aadaa	Adii Bifa Geengoo
Naazii	Guftaa kan hidhu	Yeroo kamiyyu	iddoo adda addaa irratti	addaarratti	Jirbiirraa	Ogeessa aadaa	Gurraacha xarafa addaarratti
Foroora	Miidhaginaaf	Yeroo hunda	Iddoo gabaatti, yeroo aruuzaa	Gurraatti	Birrii/meetirra	Ogeessa aadaa	Gurra kan gadi rarra'u asiifi achi jedhu
Siinqee	Eenyummaa ibsachuuf	Yeroo Aadaa gaggeessan	Yeroo Jilaa, Yeroo araaraa, yeroo Gadaa	Harkatti	Muka filamaarraa	Ogeessa aadaa	Ulee faayaa tole/miidhage
Gaachana	Yeroo Waraanaa diinarraa of eeguuf	Yeroo lolaa/gootummaa	Iddoo Waraanaa	Ciqileerratti	Gogaarraa	Ogeessa aadaan	Bifa Geengoo qabannaa ciqileef ta'u
Mancaa	Hojiif/diina qolachu	Yeroo hunda	Iddoo hundatti	Harkarratti	Sibiilaafi mukarraa	Ogeessa aadaa	Sibiila dhomoqe/mika qabannaa tole
Saddeeta	Eenyummaa/Miidhagina ibsachuuf	Yeroo sagantaa jirurratti	Yeroo Haruuzaa /sagantaalerratti	Qaamarratti uffachuu	Jirbiirraa	Ogeessaan	Adii Jirbiirraa hojjetame
Manquxii	Jabina/Miidhagina ibsachuuf	Yeroo hunda	Yeroo hunda	Qaama mudhiirratti	Jirbiirraa	Ogeessaan	Adii Jirbiirraa hojjetame

Qamisa	Eenyummaa ibsachuuf	Yeroo sagantaa jirurratti	Haruuzaa/sagantaalerratti	Mudhii gadiitti	Jirbiirraa	Ogeessaan	Adii Jirbiirraa hojjetame
Shamiiza	Eenyummaa ibsachuuf	Yeroo sagantaa jirurratti	Haruuzaa/sagantaalerratti	Mudhii olirratti	Jirbiirraa	Ogeessaan	Adii Jirbiirraa hojjetame
Filaa	Miidhagina ibsachuuf	Yeroo sagantaa jirurratti	Haruuzaa/sagantaalerratti	Mataarratti	Mukaafi Kirrii irraa	Ogeessaan	Muka bocamee/kirriin faayameen
Buchuma	Aannan itti elmuuf/itti qabachuuf	Yeroo haruuzaa/sagantaa jirurratti	Yeroo Haruuzaa/sagantaalerratti	Harkaan	Buqqee/Muka keessi golgame	ogeessaan	Migiraan keessi golbame/Muka keessi kalaqaan soofame
Qalamshiisha	Dhangaa dhiyeessuuf	Manatti	Yeroo Bunaa, Hirbaataa	Harkaan	Migira irraa	Ogeessan	Migira yeroo hodhan golbeessanii

Gabatee 2: Ibsa Walii Gala Meeshaalee Aadaa Oromoo Aanaa Haramaayaa keessatti argaman.

DABALEE D: Ibsa suuraalee Qorannoo keessatti fudhataman.







Waraqaa Mirkaneeffannaa

- A. Ani qorataan/ttuun maqaafi mallattoo koo armaan gaditti eerame, qorannoo kun hojii koo ta'uusaa kanaan duras yuunivarsiitii kamiyyuu keessattii mata dureen kun qorannoo eebbatiif kan hin dhiyaanne ta'uusaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee; wabii keessattis kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa _____

Mallattoo_____


Guyyaa_____

- B. Barataa/ttuu Waraqaa qorannoo isaa/ishee haala seera qorannoo eeguun qopheessu isaa/isheef ofittisuuf (Defence) muummeef galchuu danda'uu isaa/ishee ani gorsaan mallattoo kootiin mirkaneessera.

Maqaa_____

Mallattoo_____

Guyyaa_____



Maddi :- Waajjira Bulchiinsa Aanaa Haramaayaa